# KITAABA DAA’IMMAN KUTAA “O”

## Yeroo Faaruu

## Taphoota Daree Keessaa

## Taphoota Dareen Alaa

***Ministeera Barnootaatiin Qophaa’ee Biiroo Barnoota Oromiyaatiin Afaan Oromootti Kan Hiikame***

**BBO**

**Amajii 2010**

# BAAFATA

Fuula

SEENSA ........ 7
YEROO MUUZIQAA........ 8
Torban 1ffaa ........ 8
Faaruu Lakkoofsa 1: Haadeemnu Mana Barumsaa ........ 8
***Faaruu Lakkoofsa 2: Qaamolee Nafa Namaa*** ........ 8
Faaruu Lakkoofsa 3: Tokko maali? ........ 9
Faaruu Lakkoofsa 4: Faaruu Hantuutaa ........ 10
Torban 2ffaa ........ 11
Faaruu Lakkoofsa 5: Akaakuwwan Halluu ........ 11
Torban 4ffaa ........ 11
Faaruu Lakkoofsa 6: Harka Dhiqannaan Akkana........ 11
Torban 5ffaa ........ 12
Faaruu Lakkoofsa 7: Faaruu Obboleewwanii........ 12
Torban 6ffaa ........ 13
Faaruu Lakkoofsa 8: Hundi Keenya Tokkummaan........ 13
Torban 8ffaa ........ 13
Faaruu Lakkoofsa 9: Tokkorratti Tokko Dabalee ........ 13
Torban 9ffaa ........ 14
Faaruu Lakkoofsa 10: Maatii Koo........ 14
Faaruu Lakkoofsa 11: Simbirroo Bareedduu........ 15
Torban 11ffaa ........ 16
Faaruu Lakkoofsa 12: Toph!/Chee! Fardaa........ 16
Torban 12ffaa ........ 17
Faaruu Lakkoofsa 13: Beenu Ni Duullaa........ 17

Faaruu Lakkoofsa 14: Qulqullina Keenya Haa eeggannu ........ 18
Torban 13ffaa ........ 18
Faaruu Lakkoofsa 15: Xuuxillaa miidhagduu ........ 18
Faaruu Lakkoofsa 16: Qubee Barachuu Nan Jaalladha ........ 19
Faaruu Lakkoofsa 17: Re'ee Xiqqoo ........ 19
Torban 15ffaa ........ 20
Faaruu Lakkoofsa 18: Wallaalummaan haa badu ........ 20
Torban 16ffaa ........ 21
Faaruu Lakkoofsa 19: Saayinsii Saayinsii ........ 21
Torban 18ffaa ........ 22
Faaruu Lakkoofsa 20: Simbirrattiin Ta'a ........ 22
1 2 3 ........ 22
Torban 19ffaa ........ 23
Faaruu Lakkoofsa 21: Akaakuu Halluuwwanii ........ 23
Torban 22ffaa ........ 24
Faaruu Lakkoofsa 22: Beelladootni faarsuu ni danda'u ........ 24
Torban 23ffaa ........ 24
Faaruu Lakkoofsa 23: Faaruu Naannoo Oromiyaa ........ 24
Faaruu Lakkoofsa 24: Barattoota Ciccimoo ........ 25
Torban 26ffaa ........ 25
Faaruu Lakkoofsa 25: Dibbeen Dib! Dib! Dib! Jedhe ........ 25
Torban 27ffaa ........ 26
Faaruu Lakkoofsa 26: Faaruu Guyyoota Torbanii ........ 26
Torban 29ffaa ........ 27
Faaruu Lakkoofsa 27: Waqtiilee ........ 27
Torban 31ffaa ........ 27
Faaruu Lakkoofsa 28: Faaruu Gammachuu Eebbaa ........ 27

Faaruu Lakkoofsa 29: Faaruu Loonii ........ 29

Sossobbii Daa'imaa ........ 30

Faaruu Lakkoofsa 30: Kukkuluu! ........ 31

Tapha Ijoollee ........ 31

Seensa ........ 33

☟Tapha 1.  Maaltu isinitti dhagahame? ........ 33

☟Tapha  2: Loottoo Lakkoofsaa ( Lakkoofsota walitti firoomsuu) ........ 34

Torbaan 4ffaa ........ 34

☟Tapha 3: Namoota Umrii Adda Addaa Qaban Sagaleen Adda Baasuu ........ 34

Torbaan 5ffaa ........ 35

☟Tapha 4  Xaxaa Harkaa Hiikuu ........ 35

Torbaan 7ffaa ........ 36

☟Tapha 5: Tapha Ijaarsaa ........ 36

Torbaan 8ffaa ........ 36

☟Tapha 6: Tuutota Dorgomsiisuu ........ 36

Torbaan 9ffaa ........ 37

☟Tapha 7: Nama Miidhame Gargaaruu ........ 37

Torbaan 11ffaa ........ 37

☟Tapha 8: Gahee Miseensota Maatii ........ 37

☟Tapha 9: Tapha Bittaa fi Gurgurtaa ........ 38

Torbaan 13ffaa ........ 38

☟Tapha 10: Ittoo Qubeewwanii ........ 38

☟Tapha 11: Sarara Lakkoofsaa fi Meeshaa ........ 39

☟Tapha .12: Qubee Utaaluu ........ 40

Torbaan 14ffaa ........ 41

☟Tapha 13: Doominoo lakkoofsaa ........ 41

☟Tapha 14: Bocaa fi Halluuwwaan Walitti Firoomsuu ........ 42

Torbaan 15ffaa ..... 43
👋Tapha 15: Qubeewwan Adamsuu ..... 43
Torbaan 17ffaa ..... 44
👋Tapha 16: Boca Bakka Sirriitti Galchuu ..... 44
Torbaan 18ffaa ..... 45
👋Tapha 17: Guuboo Walaloo ..... 45
Torbaan 19ffaa ..... 46
👋Tapha 18: Naannoo Keenya Haa Ijaarru ..... 46
Torbaan 20ffaa ..... 47
👋Tapha 19: Namtolchee ..... 47
Torbaan 22ffaa ..... 47
👋Tapha 20: Dacheen Maal Jette? ..... 47
Torbaan 22ffaa ..... 48
👋Tapha 21: Qubeewwan Maqaa Koo Keessa Jiran ..... 48
Torbaan 23ffaa ..... 48
👋Tapha 22: Tapha Qubaa ..... 48
Torbaan 24ffaa ..... 49
👋Tapha 23: Quba Koo Hordofaa ..... 49
👋Tapha 24: Karaa Bahiinsaa Barbaaduu ..... 50
Torbaan 25ffaa ..... 50
👋Tapha 25: Tapha Qubeewwan Walqabsiisuu ..... 50
Torbaan 26ffaa ..... 51
👋Tapha 26: Maqaa Fuduraalee ..... 51
Torbaan 28ffaa ..... 52
👋Tapha 27: Hunduu Wixata Jaalata ..... 52
Torbaan 30ffaa ..... 53
👋Tapha 28: Taatotaa Bakka Bu'anii Taphachuu ..... 53

Seensa ........................................................................ 54
Torbaan $1^{FFAA}$ ........................................................................ 55
🕭Tapha Lakk.1:Moggaasa qaama fuulaa ........................................................................ 55
🕭Tapha Lakk.2:Tapha Beelladootaa ........................................................................ 55
**Torbaan $2^{FFAA}$** ........................................................................ 56
🕭**Tapha Lakk.3: Qaamolee Nafa Namaa Tuquu** ........................................................................ 56
🕭Tapha Lakk.4: Beelladoota Manaa Dhiyeessuu fi Fageessuu ........................................................................ 57
🕭Tapha Lkk.5: Lakkoofsotaan Garee uumuu ........................................................................ 58
Torbaan $3^{FFAA}$ ........................................................................ 59
🕭Tapha Lakk.6: Hiriyyaan koo garam jira? ........................................................................ 59
**Torbaan $4^{FFAA}$** ........................................................................ 60
🕭**Tapha lakk.7: Magariisa Magariisa** ........................................................................ 60
Torbaan $5^{FFAA}$ ........................................................................ 61
🕭Tapha Lakk.8: Obseen akka jette ........................................................................ 61
Torbaan $6^{FFAA}$ ........................................................................ 62
🕭Tapha "Sochii adda addaa" ........................................................................ 62
Torbaan $7^{FFAA}$ ........................................................................ 63
🕭Tapha lakk.9: Bineensota fakkeessanii taphachuu ........................................................................ 63
Torbaan $8^{FFAA}$ ........................................................................ 64
🕭Tapha Lakk.10: Shekkeloo / Si'oloo ........................................................................ 64
**Torbaan $9^{FFAA}$** ........................................................................ 65
🕭**Tapha Lakk.11: Kubbaa gangalchuu** ........................................................................ 65
🕭**Tapha Lakk.12: Kubbaa Arbaa** ........................................................................ 66
Torbaan $10^{FFAA}$ ........................................................................ 67
🕭Tapha Lakk.13: Hogganaa kee hordofi ........................................................................ 67
Torbaan $12^{FFAA}$ ........................................................................ 68
🕭Tapha Lakk.14: Kallattiiwwan ........................................................................ 68

**Torbaan 13FFAA** ... 69
**Tapha Lakk.15:Madaala eeganii taphachuu** ... 69
Tapha Lakk.16:Guuboowwan gurmaa’aa ... 70
Torbaan 14FFAA ... 71
Tapha Lakk.17: Tapha Halluu ... 71
Torbaan 15FFAA ... 72
Tapha Lakk.18: Tapha Qufaa/ Utaalloo ... 72
Torbaan 16FFAA ... 73
Tapha Lakk.19: Harka waljijjiruun kubbaa walitti kennuu ... 73
Torbaan 17FFAA ... 74
Taphaa Lakk. 20:Eegee Buqqisuu ... 74
Tapha Lakk.21:Utaalloo Qabsiisuu ... 75
Torbaan 20 FFAA ... 76
Tapha Lakk.22: Wantoota Duraa duubaan kaa'uu ... 76
Torbaan 21 FFAA ... 77
Tapha Lakk.23: Shantee (Konca) Taphachuu ... 77
Tapha Lakk.24: Miidhaa ittisuu ... 77
Torbaan 23FFAA ... 78
Tapha Lakk.25: Daandii Gadhiisuu ... 78
Tapha Lakk.26: Wantoota Naannoo Faalan ... 79
Torbaan 24FFAA ... 80
Tapha Lakk.27: Ibsaa Magariisa, Keelloo fi Diimaa ... 80
Tapha Lakk. 28: Tapha Hiibboo ... 81
Torbaan 28FFAA ... 82
Tapha Lakk.29: Qoricha Argachuu/ Yaalamuu ... 82
Torbaan 29FFAA ... 83
Tapha Lakk.30: Qulqullina Walitti Fufiinsa Qabu ... 83

Torbaan 32FFAA .......... 84

Tapha Lakk.31: Gochoota Guyyaa Ayyaanaa .......... 84

# Yeroo Faaruu

## SEENSA

“Wayitii muuziqaatti” qajeelfama kana waliin walqabsiifamanii faaruuleen kennaman barnoota torbanichaa kanneen cimsanidha. Jalqabarratti yeedaloo faaruu gaalee gaaleedhaan hiruufi irra deddeebi’uun dhageessisaa. Itti fufuun, daa’imman isiniin hordofanii yeedalicha akka faarfatan shaakalsiisaa. Achumaanis, yeedaloo faaruu tooftaa faarfachuusaa waliigalaa dhageessisuudha. Hamma ta’e yaadachuu danda’uusaanii erga mirkaneeffattanii booda faarucha siidiisaa (CD) irraa dhageessisuun waliin faarfachuun barbaachisaadha. Erga faarfatanii boodas faarucha keessatti jechawwan dhaga’aniifi yaadrimeen hubatan, duraan waan baratan keessaa kutaa barumsaa isa kam waliin akka walqabsiisan gaafachuufi irratti mariisisuudha.

Jildii kana keessa faaruulee eddattoon garaagaraa dhiyaataniiru. Faaruuleen kanneenis ka’umsaaf kan dhiyaatan waan ta’aniif; akka haala qabatamaa naannootti gabbisuudhaan faaruulee garaagaraa, taphoota aadaa, sirbawwan, shubbisawwaniifi meeshaalee muuziqaa salphaa rukutaman itti dabaluun fayyadamuun nidanda’ama. Manneen barumsaa yeedaloo isaa siidii irraa dhaggeeffatanii barattoota shaakalsiisuuf meeshaa isaa yeroof hin qabnes, barsiisonni ofii dursanii itti qophaa’uun walaloowwan dhiyaatanitti yeedaloo qopheeffachuun fala uumachuun ni dandaa’ama.

## YEROO MUUZIQAA


### *Torban 1ffaa*

### *Faaruu Lakkoofsa 1: Haadeemnu Mana Barumsaa*

Mana barumsaa haa deemnu (2)
Beekumsa akka argannu (2)
Mana barumsaa haa deemnu (2)
Beekumsa akka argannu (2)
A B nan baradha,
Lakkoofsa nan lakkaa'a,
C D nan beekkadha.
Mana barumsaa haa deemnu (2)
Beekumsa akka argannu (2)

### *Faaruu Lakkoofsa 2: Qaamolee Nafa Namaa*

Mataa koo, gateettiwwan koo,
Jilbawwan koofi qubawwan miila koo,
Isaanidha kutaaleen nafa koo.
Mataa koo, gatiittiwwan koo,
Jilbawwan koo fi qubawwan miila koo,
*Afaanii fi funyaan koo,*
Ijawwaniifi gurrawwan koo,
Isaaniidha kutaaleen nafa koo. (3)



## *Faaruu Lakkoofsa 3: **Tokko maali?***

**Tokko maali?** Tokkeen tokkittuma.

**Lama maali?** Lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Sadiin maali?** Sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Afur maali?** Afran mucha sa'aa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Shan maali?** Shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Jaha maali?** Jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Torba maali?** Torban naannoo sanbataa, jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Saddeet maali?** Saddeettan dhala leencaa, torban naannoo Sanbataa, jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Sagal maali?** Saglan yaa'ii Booranaa, saddeettan dhala leencaa, torban naannoo Sanbataa, jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

**Kudhan maali?** Kurnan bool'a saddeeqaa, saglan yaa'ii Booranaa, saddeettan dhala leencaa, torban naannoo Sanbataa, jahan jabbii qaraxaa,

shanan quba harkaa, afran mucha sa'aa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

## 𝄞 *Faaruu Lakkoofsa 4: Faaruu Hantuutaa*

Tokko, lama, sadi, afur, shan
Hantuuta tokko qabe akka tasaan
Ja'a, torba, sadeet, sagal, kudhan
Gadlakkise na harkaa utaallaan.
Obboleessaa maaf gadlakkifte isheetiini?
Quba koo ciniinnaani,
Kan ciniinte isa kami?
Moggee harka koo mirgaati.
Akkam nama dhukkubaa! Akkam nama dhukkubaa!
Deebi'ee hin qabu lammata!
Hin qabu! Hin qabu! Hin qabu!

## Torban 2ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 5: Akaakuwwan Halluu*




Halluu magariisa,

Laliftuu Fulbaanaa.

Keelloon maal fakkaataa,

Laalan burtukaanaa,

Halluu diimaan kan akkamiiti?

Fakkaataa seeqaa akka giimii?

Cuquliisa yommuu jennu,

Samii isa fakkaatu,

Halluu gurraacha jechuun

Isa akka cileeti akaakuun

## Torban 4ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 6: Harka Dhiqannaan Akkana*

Harka dhiqannaan akkanadha akkanadha,

Fuula dhiqannaan akkanadha akkanadha,

Dabbasaa filannaan akkanadha akkanadha.

## Torban 5ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 7: Faaruu Obboleewwanii*

Obboleessa koo, 2x
Niraftemoo niraftemoo,
Bilbilli bilbilame bilbilli bilbilame,
Ka’i kaa! ka’i kaa!,
Tole nan ka’aa, tole nan ka’aa,

Fuula  dhiqadhee ilkaan  rigadhee,
Uffata  uffadhee, ciree kooyis nyaadhee,
Mana barumsaan deema,
Beekeen argamaa2x

Obboleettii koo2x
Nirafteemoo niraftemoo,
Bilbilli bilbilamee, bilbilli bilbilamee,
Ka’i kaa! ka’i kaa!,
Tole nan ka’a tole nan ka’aa,
Fuula  dhiqadhee, ilkaan  rigadhee,
Uffata  uffadhee ciree kooyis nyaadhee,
Mana barumsaan deema,
Beekeen argamaa 2x.

## Torban 6ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 8: Hundi Keenya Tokkummaan*

Hundi keenya tokkummaan tokkummaan

Ni taphanna,

Hundi keenya tokkummaan tokkummaan

Ni taphanna, 2x

Hiriyaan kee hiriyaa kiyyadha,

Hiriyaan kiyya hiriyee keedha.

Hundi keenya tokkummaan tokkummaan

Ni gammanna,

Hundi keenya tokkummaan tokkummaan

Ni taphanna, 2x

## Torban 8ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 9: Tokkorratti Tokko Dabalee*

Tokkorratti tokkon dabalee laman taasise tokkon itti ida’ee

Lamarratti tokkon dabalee sadiin taasise tokkon itti ida’ee

Sadii irratti tokkon dabalee afurin taasise tokkon itti ida’ee

Afur irratti tokkon dabalee shanin taasise tokkon itti ida’ee

Shan irratti tokkon dabalee ja’an taasise tokkon itti ida’ee

Ja’a irratti tokkon dabalee torban taasise tokkon itti ida’ee

Torba irratti tokkon dabalee saddeetin taasise tokkon itti ida’ee

Saddeeti irratti tokkon dabalee sagalin taasise tokkon itti ida’ee

Sagal irratti tokkon dabalee kudhanin taasise tokkon itti ida’ee. (2)

## Torban 9ffaa

### ***Faaruu Lakkoofsa 10: Maatii Koo***

Haadhaafi abbaa koo nan jaaladha
Obboleettiifi obboleessa koos nan jaaladha
Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!
Warri koo na nyaachisu
Warri koo natti uwwisu
Warri koo na barsiisu
Warri koo na kunuunsuu!
Haadhaafi abbaa koo nan jaaladha
Obboleettiifi obboleessa koos nan jaaladha
Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!



## 𝄞*Faaruu Lakkoofsa 11: Simbirroo Bareedduu*

Simbirroo bareedduu kudhanan qabaa
Tokko barrisnaan sagaltu hafaa
Simbirroo bareedduu sagalan qaba
Tokko barrisnaan saddeettu hafaa
Simbirroo bareedduu saddeetan qabaa
Tokko barrisnaan torbatu hafaa
Sinbiroo bareedduu torba nan qabaa
Tokko barrisnaan ja’atu hafaa
Simbirroo bareedduu ja’a nan qabaa
Tokko barrisnaan shanitu hafaa
Simbirroo bareedduu shanin qabaa
Tokko barrisnaan afurtu hafaa
Simbirroo bareedduu afurin qabaa
Tokko barrisnaan sadiitu hafaa
Simbirroo bareedduu sadii nan qabaa
Tokko barrisnaan lamatu hafaa
Simbirroo bareedduu lama nan qabaa
Tokko barrisnaan tokkittiit hafaa
Simbirroo bareedduu tokko nan qabaa

Isheenis barrisnaan homtuu na hin afuu 2x

## Torban 11$^{ffaa}$

### ***Faaruu Lakkoofsa 12: Toph!/Chee!  Fardaa***

Toph! toph! toph! fardaa (2)

Farda adiirra taa’eera

Toph! toph! toph! jedheen gulufa

Toph! toph! toph! fardaa (2)

Farda magaalarra taa’eera

Toph! toph! toph! jedheen gulufa

Toph! toph! toph! fardaa (2)

Farda gurraacharra taa’eera

Toph! toph! toph! jedheen gulufa.

# Torban 12ffaa

## *Faaruu Lakkoofsa 13: **Beenu Ni Duullaa***

Beenu ni duullaa

Maal nyaannee? …….Waan warri nuuf kenne

Yoo nu dhowwatan hoo? …….Ni dhaanna

Eessa eessa dhaanna? …….Harma harma jala

Harma jala maaltu jira? …….Amartii

Amartii san eenyutu kaawwata? …….Jaartii

Jaartiin eessatti galti? …….Godootti galti

Godoo keessa maaltu jira? …….Aara

Aarri sun eessa dhaqa? …….Samii

Samiidhaa maaltu bu'a? …….Bokkaa

Bokkaan sun eessa seena? …….Lafa

Lafaa maaltu baha? …….Marga

Marga san maaltu dheederee? …….Goromsa

Goromsi  sun sii dhaleeree ? …….Eeyyee naaf dhale

Dilluu eessa keesseree? …….Dallaarra ka'etan allaattiin fudhate

Maalif hin reebneree? …….Reebeen ture

Hanga eessatti? …….Hanga Awaash gamaatti

Awaash guutuudha moo hir'uudha? …….Guutuudha

Akkamitti ceeteree? …….Tokkoon bargaanfadhee, tokkoon kottoonfadhee

Si qofaadha moo raachisii? …….Raachi bishaanitti waan galuufi

Raacha qofaadhaa Roobinisii? …….Roobiin waan gurra baballatuufi

Roobiillee qofaa waantaanisii? …….Waantaan meeshaa waraanaati

Waantaa qofaa waraannisi? …….Waraanni waan qara addaatuufi

Waraana qofaadhaa daaraanisi? …….Daaraa haraniit gatu

Daaraa qofa haranii gatanii, sillee dhalanii haranii gatanii.

### 𝄞 *Faaruu Lakkoofsa 14: Qulqullina Keenya Haa eeggannu*

Yeroo hunda ganama si'a kaanu
Jalqaba mana fincaanii haa dhaqnu 2x
Fuula keenya harka keenya
Saamunaadhaan ni dhiqanna
Ilkaan keenya ni riganna
Ciree keenya ni nyaanna
Harka keenya ni dhiqanna
Mana barumsaa ni deemna
Yeroo hunda kana ni raawwanna
Yeroo hunda kana ni raawwanna
Yeroo hunda ganama si'a kaanu
Jalqaba mana fincaanii haa dhaqnu 2x

## Torban 13ffaa

### 𝄞 *Faaruu Lakkoofsa 15: Xuuxillaa miidhagduu*

Xuuxillaa fullistuu, kosii keessa joorti
Qulqullina malee balfa gadhee nyaattii
Dhukkubsattee kunoo baay'ee huuqqateetti
Dadhabde du'uufi, achii wixxifatti.

## *Faaruu Lakkoofsa 16: Qubee Barachuu Nan Jaalladha*

Nuti daa'imman <u>haa barannu 2x</u>

Qubeewwan beekuuf <u>haa qorannu 2x</u>

'A'n godoo fakkaattii

'B'n mudhii qabattii

'C'n walakkaa geengooti

'D'n akkuma haamtuuti

Qubeewwan keenya <u>ni jaallanna</u> 2x

Hanga dhumaattis <u>ni baranna</u> 2x

## *Faaruu Lakkoofsa 17: Re'ee Xiqqoo*

Ilmoon re'ee hootee

Fiigde haadha dhiiftee

Iddoo gabaa dhaqxee

Baalas hedduu quuftee

Buburraaqxee taphattee

Hunda hawwisiistee

<u>Me'ee me'ee jettee</u>

<u>Mana galtee rafte. 2x</u>



## Torban 15ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 18: Wallaalummaan haa badu*

A B C D

Wallaaluun haa ga’u

E F G H

Hin beekuun haa baduu

I J K L

Qubee keenya barannaa

M N O P

Wallaaloos gargaarraa

Q R S T

Faaruudhaan hawwannee

U V W X

Hundumaa yaadannee

Y Z

Dukkana ibsannee 2x

## Torban 16ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 19: Saayinsii Saayinsii*

Saayinsiin qorichumaa

Na barsiise fayyummaa

Irribaa yeroon ka' uu

Gochuun kan naaf ta'uu

Hundaa mimmijeessee

Of qulqulleessee

Harka koo dhiqadhee

Fuula koo dhiqadhee

Ilkaan koo rigadhee

Ciree koo nyaadhee

Wayyaa koo uffadhee

Mana barumsaan deemaa

Saayinsii qorachuu abjuunan argaa

Isa jabeeffannaa dhibeerraa nu eegaa 2x

Barnootaan nan cimaa

Harkallee ni dhiqannaa

Nyaata ittiin nyaannaa

Ija keenya dhiqannaa

Ifa ittiin arginaa

Ilkaan rigannaa

Kofallee miidhagnaa

Saayinsii qorachuu abjuunan argaa

Isa jabeeffannaa dhibeerraa nu eegaa 2x

## Torban 18ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 20: Simbirrattiin Ta'a*

1 2 3




Akkuma simbirroon barrisaa

Qilleensarran shubbisaa

4 5 6

Ol ol ka'ee gara oliirraa

Habaaboo babbareedduurraa




7 8 9 10

Akka billaachaa ta'ee

Samiirra ol ka'ee

Xiyyaaran fakkaadhaa

Qilleensarran kaadhaa




Ol gara olii oliirraa

Habaaboo babbareedduurra

## Torban 19ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 21: Akaakuu Halluuwwanii*



Halluuwwan  ni jaallannaa
Gammachuu  nuuf kennaa
Diimaa fi magariisaa
Keelloo fi  cuquliisaa
Adii fi gurraachaa
Dhiilgee fi daalachaa
Naannoo ittiin hubannaa
Simannee gammannaa

Halluu magariisaa
Fakkaattuu lalisaa
Haalluu cuquliisaa
Biftikee nu harkisaa
Halluu      diimaa
Fagootii  nama waamaa
Kanan hawwu isuma

## Torban 22ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 22: Beelladootni faarsuu ni danda'u*

Beeladootni ni faarsuu
Sagalee isaanii ni baasu
Adurreen ni nyaawwisti
Meeyuu meeyuu jetti
Yoo feetes ni shubbifti
Beeladootni ni faarsuu
Sagalee isaanii ni baasu
Sareen ni dutti
Wu! Wu! jettii
Lafees ni qorqitii 2x

## Torban 23ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 23: Faaruu Naannoo Oromiyaa*

Oromiyaa, Oromiyaa, haadha seenaa guddaa
Handhuura Oromootaa, galma sirna gadaa
Dachee heeraafi seeraa, haadha caffee odaa
Badhaatuu, gabbattuu, magarsituu hundaa
Xurii bara dhibbaa, dhiigaan sirraa dhiqnee
Wareegama qaaliin, alaabaa kee ol qabnee
Gammannee gammadii, bokkuu deebifannee
Nagaafi dimokiraasii, tabaroo namummaa
Misooma amansiisaa, guddina atattamaa
Uummattoota wajjinis, jaalalaafi tokkummaa
Wabii jireenyaatiif, goonee kaayyoo cimaa
Irree gamteeffannee, kaanee nu abdadhuu


Oromiyaa lalisii, dagaagii jiraadhuu!

### *Faaruu Lakkoofsa 24: Barattoota Ciccimoo*

Barattoonni ciccimoo baay’ee of eeggatu
Yeroo karaarra deeman, hunda ilaallatu
Konkolaataan yoo dhufe, dafanii akeekkatuu
Nagaadhaan adeemuuf, bita isaanii qabatu

## Torban 26ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 25: Dibbeen Dib! Dib! Dib! Jedhe*



Muuziqaa barannaa
Gammachuu argannaa
Ittiin bashannannaa
Tokkummaan faarfannaa
Sammuu haaromsinaa
Barnootaan cimsannaa
Aadaa guddifannaa

Muuziqaan gaariidhaa
Barnootaaf meeshaadhaa
Maasiinqoofi kiraaraa

Dibbees rukunneerraa

Aadaa keenyaa beeknaa

Ittiin fayyadamnaa.

Dibbee yoo rukunnuu

Dib! Dib! Dib!

Xurumbaa guddaadhaan

Xuu!   Xuu!  Xuu!

Kiraara yoo rukunnuu

Gim! Gim! Gim!

Ulullee afuufnee

Ulul! Ulul! Ulul!

Maaseenqoo taphannee

Ii!    Ii!     Ii!

## Torban 27ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 26:  Faaruu Guyyoota Torbanii*

1, 2, 3, 4, 5 haa barannuu  bartoota koo

6, 7  guyyaan torba    torban tokkoo

Wiixataa Kibxataa

Roobii Kamisa

Jimaata Sanbata

Dhumarratti Dilbata 2x

Kan boqonnu Sanbataa fi Dilbataa

Barnoota kan jalqabnuu Wiixataa.

Mana barumsaa koo barumsaa koo

Sin jaaladha hin barfadhu  guyyaa tokko  2x

## Torban 29ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 27: Waqtiilee*

Waqtiileen afurii
Maqaa isaanii bari
Birraan tarraan Bona
Arfaasaatti aanee Gannaa
Bona lafti gogee
Gannaan dacheen margee
Birraan namatti tolaa
Kolfaa bullee oolla

## Torban 31ffaa

### *Faaruu Lakkoofsa 28: Faaruu Gammachuu Eebbaa*




Baga gammanne 3x

Habaaboo qabannee

Maatii keenya waamnee

Baga gammanne 3x

Mana   barumsaatti
Bakka   eebbichaatti

Baga gammanne 3x

Waliin  bashannannaa
Nagaa dhadhaammannaa
Fulbaanatti wal-argannaa 2x



Abdii hin kutatinii, jabaadhu barsiisaa
Galanni kee hin dhumuu, seenaa keetu si boonsaa
Abdii hin kutatinii, jabaadhu barsiistuu
Galanni kee hin dhumuu, seenaa keetu si boonsaa

Isin barsiisonni
Dukkana     ibsitanii
Beekumsa cimsitanii
Dungoo taatanii iftanii
Lammii keessan jijjiirtanii  2x

Seenaa hojjettanii

Kabaja argattanii

Galfata keessan hin nyaannuu

Yoomu isin hin dagannu. 2x

## *Faaruu Lakkoofsa 29: Faaruu Loonii*




Loowwan yaa saawwa koo hoo…
Dansaadha yaanni koo hoo…
Hora dhaqaa dhugaa hoo…
Marga jiidhaa dheedaa hoo…

Aduun dhiha geessee hoo…
Jabbiin mamar'attee hoo…
Kormis dura bu'ee hoo….
Garaan na beela'ee hoo…
Dallaan mimmijaa'ee hoo…
Beenaa mana gallaa hoo…
Horaa nagaan bulaa hoo…

## *Sossobbii Daa'imaa*



Ururuu yaa mucayyoo
Mucayyoo yaa xinnayyoo
Atis ni taata namaa
Sirraa haa qabu hamaa
Afaankee haa ta'u dammaa
Ururuu yaa mucayyoo
Aannan feetu dhugi
Qoraasee siif kaa'eeraa
Hirriba feetu rafi
Haxaayee siif afeeraa
Haati kees ni gammaddi
Erga mucaa argattee
Waaqni si haaguddisu
Inni hunda mullisu
Inni xinnaa guddisu
Inni duudaa dubbisu
Inni qallaa furdisu
Ururuu jennaan rafi
Ka'i jennaan dammaqi.

## ***Faaruu Lakkoofsa 30: Kukkuluu!***

Kukkuluu!   hin bariinee

Kukkuluu!  hin bariinee

Kukkuluu!  hin bariinee

Kukkuluu!   bari'eeraa

Ijoollee, ijoollee kottaa ni taphannaa

Kana booddee ijoollummaan eessumaa argannaa

Ijoollummaa koo, ijoollummaakoo

Aannaniifi                                   dammakoo 2x

## **Tapha Ijoollee**



| | |
|---|---|
| Yaa quruphee koo | Kuruph |
| Maaluma hojjettaa | Kuruph |
| Garbuun hammacaa | kuruph |
| Mee naaf hammaarii | kuruph |
| Harka na gubaa | kuruph |
| Bishaan firfirsii | kuruph |
| Bishaan hin jiruu | kuruph |
| Bu'ii waraabii | kuruph |
| Warri na'ajjeesuu | kuruph |
| Warri eessa jiruu? | Kuruph |
| Mana duuba jiruu | kuruph |
| Maal hojjetuu | kuruph |
| Mucaa taph-siisuu | kuruph |
| Aannan obaasuu | kuruph |
| Obsaan guddisuu | kuruph |
| Qubee barsiisuu | kuruph |
| Of dandeessisuu | kuruph… |

# Taphoota Daree Keessaa

## Seensa

Hidha kana keessatti tooftaalee adda addaa taphoota daree keessaa ittiin taphachiisan dhiyaatanii jiru. Taphootni daree keessaa kunniin daa'imman dandeettiiwwan torbaan tokko keessatti goonfachuu qaban cimsuuf qofa osoo hin taane tooftaa baruu-barsiisuu isa bu'uuraa ta'uun kan nu gargaarudha.

Taphoonni dhiyaatan irra caalaa gareen kan gageeffaman waan ta'aniif beekumsa, ilaalchaa fi dandeettiiwwan waliin hojjachuu daa'immanii ni cimsu. Akkasumas, dandeettiiwwan obsaan dhaggeeffachuu, mariin waliigaluu, sirriitti yaaduu fi kalaquu daa'immanii ni gabbisa.

Tapha tokko taphachiisutti osoo hin seeniin dura seeroota taphichaa faana akka walbaran gochuun barbaachisaadha.Taphicha taphachuu ykn taphachuu dhiisuun faayidaa fi miidhaa qabu itti himuun daa'imman taphichaaf kan kakaasudha.

Daa'imman yeroo taphatan hordoffii dhiyoo taasisuu fi deeggarsa adda addaa keennuun murteessaadha. Qajeelchaa fi hordoffii gahaa ta'e kennuun dandeettiiwwan daa'imman irraa eegamu akka goonfatan isaan gargaara.

Jalqabatti, daa'imman hundi seera taphichaa hubachuu isaanii mirkaneeffadhaa. Seera taphichaa eeganii taphachuufi taphachuu dhiisuun miidhaa inni qabu itti himaa. Itti aansuun, yeroo daa'imman taphatan itti dhiyeenyaan hordoffii taasisuun yaada barbaachisu kennaafii. Tokkoo tokkoo taphaatiif ibsi ga'aa ta'e waan kennameef, ibsicha ykn ajajicha hordofaa.

Hidha kana keessatti malleen gochalee jiran ittiin raawwataman kaa'amanii. Malleen kunniin ka'umsaaf kaan dhiyaatan waan ta'eef, haala qabatama naannootti gabbisanii itti fayyadamuun ni danda'ama.

## Torbaan 1$^{ffaa}$

### *Tapha 1. Maaltu isinitti dhagahame?*

Daa'imman miira gammachuufi dinqisiifannoo akka addaan baasan tartiiba armaan gadii hordofuun taphachiisuu

1. Taphni guyyaa har'aa waa'ee miiraa namaa akka ta'e hubachiisaa
2. Daa'imman bifa geengoo walakkaa uumuun gara gabatee boronqiitti naanna'uun akka dhaabatan taasisaa
3. Miiraawwan namatti dhagaahaman kanneen akka dheekkamsaa, gaddaa, sodaa, gammachuu fi k.k.f miira fuulaan akka agarsiisan gaafadhaa
4. Qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeeffachuun hojjedhaa agarsiisaa

- Miirawwan adda addaa fakkiitti fayyadamuun itti agarsiisuu
- Tokko tokkoon fakkiiwwanii miira kam akka agarsiisan tilmaamuun akka himan taasisaa

5. Daa′imman hundi dabaree dabareen ka’uun miirawwan adda addaa akka agarsiisan gochuu

**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture?
- Taphicha irraa maal hubattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maal fa′a gochuutu barbaachisaadha?
- Maal fa’itu isin gammachiise?Maaltu isin gaddisiise?

## ***Tapha 2: Loottoo Lakkoofsaa ( Lakkoofsota walitti firoomsuu)***

Tapha***'Loottoo lakkoofsaa'*** jedhamu taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofuu

1. Daa′imman garee miseensota 4 - 6 tti teesisuu
2. Loottoowwan gareewwan hundaaf raabsu
3. Lakkoofsota waraqaa ciccitaa irra jiran kanneen gabatee keessatti argaman faana walitti firoomsuun daa′immanitti agarsiisuu
4. Daa′imman lakkoofsoota jiran waamaa akka walitti firoomsan shaakalsiisuu

**Gaaffilee Marii**

- Taphicha jaalattanii? Maaliif?
- Taphicha taphachuuf maal fa′atu isin barbaachisa?

# Torbaan 4^ffaa^

## ***Tapha 3: Namoota Umrii Adda Addaa Qaban Sagaleen Adda Baasuu***

Tapha ***“Namoota sagaleen adda baasuu”*** jedhamu taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa

1. Dursa sagalee namoota umrii adda addaa irratti argaman dhageessisuun akka adda baasan gaafadhu(Fkn. Sagalee manguddoo, dargaggoo, daa’imaafi ga’eessaa)
2. Tokkoon tokkoon daa’immaniif akka namoota umriin sadarkaa adda addaa irratti argamanitti gahee kennuu
3. Daa’imman sagalee nama bakka bu’anii tokko tokkoon ka’uun akka dhageessisan gochuudha

**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture? Maaliif?
- Taphicha irraa maal hubattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maaltu isin barbaachisa?

## Torbaan 5ffaa

### *Tapha 4 Xaxaa Harkaa Hiikuu*

Tapha '***Xaxaa harkaa hiiku'*** jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa

1. Daa'imman gareewwan miseensota 6-8 qabanitti qooduu
2. Tokko tokkoon miseensota garee tokkoo walitti naanna'uun bifa geengoon dhaabbatanii harka isaanii gara handhura geengootti diriirsan gargaaruu
3. Akkaataa taphaa irratti ibsi gabaabaa erga kennamee booda harka diriiree jiruun akka walguduunfan gochuu
4. Tokko tokkoon miseensa garee harka daa'imman biroo lama cimsee qabuu qaba.Harka tokkoon daa'ima tokko harka biraatiin ammoo, daa'ima biraa qabachuu qabu.
5. Harka walqabatan yeroo muraasaaf osoo hin gadhiisin hanga geengoo sirrii ta'e agarsiisanitti gargaaruu
6. Suuta jedhanii itti yaaduu fi of eeggannoo cimaan akka walgadhiisuu (hidhaa hiikuu) yaalan gochuu

   **HUBACHIISA**
   Daa'imman garmalee walharkisuun akka wal hin miine hordoffii cimaa gochuun barbaachisaadha.

**Gaaffilee Marii**

- Yeroo taphattan harka keessan akkamitti walqabdan?
- Harka walitti hidhame hiikuuf tooftaan fayyadamtan maali?
- Kanaan dura namoonni naannoo keessanitti argaman rakkoo isaan mudate akkamitti hiikan?
- Gara fuula duraatti namoota rakkoon adda addaa yeroo mudatu akkamitti hiikuu qabu jettu?

## Torbaan 7ffaa

### *Tapha 5: Tapha Ijaarsaa*

Tapha ***"Tapha ijaarsaa"*** jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa

1. Daa'imman garee miseensota 3-4tiin akka taa'an taasisuu
2. Meeshaalee ijaarsaa kanneen akka pilaastiika walqabatan,xaawulaa walirra kaa'aman,uleewwan qaqal'oo fi k.k.f qopheessuun daa'immanitti kennuu
3. Daa'imman garee isaanitiin itti yaaduun wantoota adda addaa akka ijaaran gargaaruu
4. Waan ijaaran hiriyyoota daree isaaniitti akka agarsiisan gochuu dha.





**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture? Maaliif?
- Taphicha sirritti taphachuuf maal fa'atu barbaachisa?

## Torbaan 8ffaa

### *Tapha 6: Tuutota Dorgomsiisuu*

Tapha ***'Tuutota Dorgomsiisuu'*** jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

1. Bocoota ji'oomeetirii, cirracha, firiiwwan mukaa ykn midhaanii fi k.k.f haada/funyoo lama lama faana gareewwan daa'immanii adda addaaf kennuu
2. Daa'imman haada/funyoo itti kennametti gargaaramuun dallaa lama lama tuuta tuuta isaanitiin akka ijaarratan gargaaruu
3. Dallaa lamaan keessatti meeshaalee fidan akka kaa'an gochuu
4. Dallaa ijaaraman lamaan walcina kaa'uun tokko tokkoo dallaa keessa wantoota jiran akka lakkaa'an gochuu
5. Dallaa isa kam keessa wantoonni lakkaa'aman hedduun akka jiranii fi dallaa isa kam keessa wantoonni lakkaa'aman muraasni akka jiran gaafachuu

6. Tuutni kam akka caaluu fi tuutni kam miseensoota xiqqaa akka qabu irratti mari'achuun akka deebisan gochuu.
7. Tuuta lamaan waldorgomsiisuun dareef akka himan jajjabeessuudha.

**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture? Maaliif?
- Taphicha irraa maal hubattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maal fa'atu barbaachisa?

# Torbaan $9^{ffaa}$

## *Tapha 7: Nama Miidhame Gargaaruu*

Tapha ***"Nama miidhame gargaruu"*** jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa

1. Daa'ima tokko akka nama miidhamee, fkn.burcuqqoon isa muree, qoreen isa waraanee ykn garaa ciniinnaan isa mudate fakkeessanii fuuldura daa'immaniitti baasuun fakkeessanii akka agarsiisan gochuu
2. Hiriyoonni isaa biroo osoo karaa irra deemanii miidhamuu isaa arguun itti siqanii gaafachuun deeggarsa jalqabaa akka taasisaniif gochuu
3. Barbaachisaa taanaan maatii isaatti bilbilaan ykn daa'ima erguun maatitti akka himan fakkeessuun hojjachuu
4. Daa'ima sana maatiin dhufee yeroo mana yaalaatti geessanii fi yaalchisan fakkeessanii agarsiisuudha.

**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture?Maaliif?
- Taphicha irraa maal barattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maaltu isin barbaachisa?

# Torbaan $11^{ffaa}$

## *Tapha 8: Gahee Miseensota Maatii*

Tapha ***'Gahee miseensota maatii'*** jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

1. Daa'immaan garee adda addaatti qooduun gahee miseensota maatii (Fkn. Gahee abbaa, gahee haadhaa, gahee ijoollee fi k.k.f) akka qooddatan gochuu

2. Gahee qooddatan bu'uura godhachuun fakkeessanii akka shaakalan gargaaruu
3. Shaakala gahaa erga taasisan booda, gahee isaaniif kenname taphachaa walitti agrsiisuudha.

**Gaaffilee marii**

- Taphichi akkam ture? Maaliif?
- Taphicha irraa maal hubattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maaltu barbaachisa?

## Tapha 9: Tapha Bittaa fi Gurgurtaa

Tapha '***Bittaafi gurgurtaa'*** taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

1. Daa'imman garee adda addaatti qooduun gariin kan gurguran gariin ammoo, kan bitan gochuun gahee kennuu
2. Warra bitaniifis ta'ee kanneen gurguraniif noottiiwwan qarshii hanga adda addaa qabu itti kennuu
3. Warri gurguran wantoota gurguratan (Fkn.qubessaa,dabtara, kibriitii, baala gosa adda addaa,fi k.k.f ) qabataanii akka dhiyaatan gochuu
4. Daa'imman meeshaa barbaadan gaafachuun bittaa fi gurgurtaa mataa isaanii akka gaggeessan gochuu dha.

**Gaaffilee Marii**

- Taphni kun akkam ture? Maaliif?
- Taphicha irraa maal hubattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maal fa'atu barbaachisa?

# Torbaan 13ffaa

## Tapha 10: Ittoo Qubeewwanii

Tapha ***'Ittoo qubeewwanii'*** jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofuun barbaachisaadha.

1. "Amma qubee ittii agarsiisufan deema." Meeqan keessantu buddeena ittoon nyaatee beeka? Baay'ee gaariidha. Kun ittoo qubeewwaniiti.Amma ittoo qubee kana walkeessa makuuf sochoosaan jira. Sana booda, ija kiyya dunuunfadheen qubee tokko gadin baasa. Akka nama ittoo sochoosuutti harka keessanin naanneessaa. Itticha dhandhamaa.Waan

mi'eessituu itti idaatan fakkeessaa. Kaardii qubeen Afaan Oromoo tokko irratti barraa'ee jiru gadi baasuun harkatti qabadhaa.

2. Kaardicha irratti qubeen akkamii akka barreeffamee jiru daa'imman gaafadhaa.Itti aansuun, jechoota daa'mman beekan keessaa qubee isin agarsiistan kan of keessaa qabu akka waaman gaafachuu
3. Daa'imman jecha qubicha of keessaa qabu akka waaman gochuu fi jehoota waamaman gabatee boronqii irratti barreesuu
4. Daa'imman akka ilaalanitti tokko tokkoon ka'uun isaanii ittoo keessaa qubeewwan adda addaa baasuun akka walitti agarsiisan gochuun taphicha itti fufsiisuu
5. Daa'imman daree barnootaa keessa naanna'uun wantoota moggaasni isaanii qubee isaan filatan ofkeessatti hammate akka barbaadan gochuu (Fkn.D=Dabtara.T=Teessoo.B=Boronqii fi k.k.f)
6. Daa'imman jechoota barachuu yeroo eegalan ammoo, ittoo jechootaa jechuun barsiisuu ni danda'ama.

**Gaaffilee Marii**

- Taphichatti gammaddan moo gadditan?Maaliif?
- Taphicha irraa maal barattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maaltu barbachisa?

## *Tapha 11: Sarara Lakkoofsaa fi Meeshaa*

Tapha ***'Sarara lakkoofsaa fi meeshaa'***jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

1. Meeshaalee daree keessa jiran adda addaa gosa gosaan akka kaa'an gargaaruu
2. "Amma na caqasaa"; tapha haaraa tokko taphachuuf jenna. Kaardii lakkoofsa garagaraa of irraa qabu isinittan kenna.Lakkoofsa kaardii isinitti kennuun meeshaalee gosa gosaan keessan keessaa baay'inaan lakkoofsa kaardii keessan faana walqixxaatu nibarbaaddu. Fakkeenyaaf,kaardicha irra lakkoofsi tokko yoo jiraate meeshaa tokko, lakkoofsi lama yoo jiraate meeshaa walfakkaatan lama barbaaddu jechuudha.Ifa isiniif ta'ee jiraa? Jabaadhaa! ka'aa barbaadaa jechuun taphicha eegaluu
3. Kaardicha itti kennuu fi meeshaa walsimu barbaaduu
4. Erga meeshaa filatan sassaabanii fidanii booda kardii fi meeshaa funaananiin sarara lakkoofsaa fi meeshaa akka uuman gargaaruu. Kamtu dursa? Lakkoofsoota keessaa isa kamtu xiqqaadha?Meeshaalee fiddan keessaa lakkoofsaan xiqqaan isa kami? Jedhanii gaafachuu
5. Daa'ima lakkoofsa tokko harkatti qabate gara fuulduraatti akka dhufu taasisuun bakka mijaa'aa tapha kana taphachiisuuf qophaa'etti gara bitaa irraa eegaluun lakkoofsaa fi meeshicha walcina akka kaa'an gochuu

6. Itti aansuun lakkoofsa lamaa fi meeshaa bakka bu'u,lakkoofsa sadii fi meeshaa bakka bu'u gara mirgaatti diriirsaa sarara qajeelaa hojjechuun hanga lakkoofsa sagal bira geenyutti itti fufuu
7. Gara kaardiiwwanii fi meeshaaleetti quba qabuun akka lakkaa'an gochuu; fakkeenyaaf, gara lakkoofsa tokkootti quba qabuun maqaa meeshicha faana waamuu. Daa'imman isin faana dabtara tokko, qalama lama, cirracha sadi fi k.k.f. jechaa akka waaman gochuu
8. Erga taphicha taphatan booda meeshaalee fidan bakka turanitti deebisu. Kaardii kennameefis sassaabuun taphichi xumurama.

**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture?Maaliif?
- Taphicha irraa maal barattan?
- Taphicha sirriitti taphachuuf maal fa'atu isin barbaachisa ture?

## ✋*Tapha .12: Qubee Utaaluu*

Tapha***'Qubee utaaluu'*** jedhamu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

1. Minjaala rog afree sadi boronqiin lafa irratti kaasuu
2. Tokko tokkoo rog afree keessatti qubeewwan adda addaa barreessuu.
   Fkn.

| | | |
|---|---|---|
| B | K | E |

3. Seera taphichaa daa'mmaniif ibsuu. Amma tapha 'qubee utaaluu' jedhamu taphanna.Tokko tokkoon qubee wayita utaaltan sagalee keessan ol kaasuun moggaasa qubichaa waamtu jedhanii utaalaa moggaasa qubichaa waamaa itti agarsiisuu
4. Dura roga afree san keessa dhaabbachuun, fakkeenyaaf, qubee 'B' jedhanii waamuu. Rog afree itti aanutti utaaluun "K" jedhanii waamuu, isa dhuma irratti argamus akkasumatti waamaa shakalsiisuu.
5. Qubeewwan rog afree keessa jiran jijjiiraa daa'imman hundi akka hirmaatan jajjabeessuu. Daa'imman sirriitti taphatan galateefachuu fi warra suuteyyii ta'an agarsiisan gargaarun irra deebiin hojjechisuun barbaachisaadha.

**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture?Maaliif?
- Isa kamtu isinitti ulfaate? Kamtu isinitti salphate?
- Tapha kana sirriitti taphachuuf maaltu isin barbaachisa?


# Torbaan 14ffaa


## ✋*Tapha 13: Doominoo lakkoofsaa*

Tapha '***Doominoo lakkoofsaa***'jedhamu taphachuuf tartiibaa armaan gadii hordofaa

1. Kaardii cicciitaatti fayyadamuun tuuta lakkoofsota 0 - 6 irratti barreessuu
2. Daa'imman garee misensota shan qabaniin ijaaruu
3. Doominoowwan kaardii ciccitaan bakka bu'an daa'immaniif raabsuu.Gareen hundi tuuta lakkoofsotaa 0 - 6 jiran keessaa tokko tokkoon isaani sadii fi isaa ol argachuu qabu
4. Akkaataa taphichaa itti agarsiisuu.Fkn.doominoon walitti firoomsuu,doominoon lakkoofsotaa duraa duubaan kaa'uu, doominoon ida'uu, doominoon hir'isuu hojjatanii itti agarsiisuu
5. Tokko tokkoon daa'immanii doominootti fayyadamuun akka taphatan gochuu







**Gaaffilee Marii**

- Taphichi akkam ture?Maaliif?
- Tapha doominoo isa kamtu isinitti ulfaatee? Kamtu isinitti salphate?
- Taphicha sirritti taphachuuf maaltu isin barbaachisa?



## *Tapha 14: Bocaa fi Halluuwwaan Walitti Firoomsuu*



Tapha ***'bocoota fi halluuwwan wlittii firoomsuu'*** jedhu taphachisuun daa'imman firoomaa fi hariiroo wantoota gidduu jiru akka hubatan taasisaa.

Tapha 'Tapha bocaa fi halluuwwan walitti firoomsuu' jedhu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

Daa'imman garee miseensa jaha jaha qabutti qooduun garee tokkoon tokkoof bocoota walfakkaatan haalluu adda addaa dibamanii fi bocoota adda addaa haalluu walfakkaatu dibaman ni hirama. Sana booda:

1. Bocoota walfakkaatanii fi haalluu walfakkaatan firoomsuu
2. Bocoota adda addaa qaban garuu, halluun isaanii walfakkaatan walitti firoomsuu
3. Haalluu adda addaa garuu, booca walfakkaatu qaban akka firoomsuu danda'aan gargaaruu. Kan dursee firoomsee xummuure moo'ataa ta'a.


**Gaaffilee marii**

- Tapha bocoota fi halluuwwan firoomsuu taphachun firoomaa fi walittii dhufeenya wantoota gidduu jiru gaafadhaa

# Torbaan 15ffaa

## *Tapha 15: Qubeewwan Adamsuu*

Tapha ***'Qubeewwan adamsuu'*** jedhu taphachiisuun daa'imman akaakuu qubeewwanii akka adda baafatan taasisaa.

Tapha 'Qubeewwaan adamsuu' jedhu taphachuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

Daa'imman tokkoon tokkoon kaardii qubee qabu fudhachuun daa'ima biraa kaardi qubee walfakkaatu qabuun walitti haa firoomsan

1) Jalqabuun dura qubee hundaaf kaardii lama lama qopheessaa
2) Daa'imman hundaafuu kaardii tokko tokko kennuu (lakkoofsi daa'immanii lakkoofsota qubeewwanii caala yoo ta'e qubewwanii dabalataa qopheessuun qubewwaan tokkoon tokkoo irratti lakkoofsa walqixaa itti barreessaa)
3) Daa'imman dhaabbachun daree keessa naanna'aa daa'ima qubee walfakkaatu qabate akka barbaadan gochuu. Qubee walfakkaatu qabachuu isaanii mirkaneeffachuuf kaardicha sirritti ilaalaa, hiriyyaa keessan argannaan daa'imman geengoo hojjatan bira dhaqaatii waliin taa'aa. Hiriyyaa keessan saffisa hammamiin akka argachuu dandeessan mirkaneeffadhaa jechuun itti himuu.

4) Daa'imman 1ffaan geengoo hojjatanii taa'an galateeffachuun tartiibaan 2ffaa, 3ffaa, 4ffaa, 5ffaa k.k.f dhufan mara maqaa isaanii himaa. Daa'imman hunda galateeffachuu fi jajjabeessuu mirkaneeffachuu. Daa'imman hundi ciminaa fi fedhii barachuu dhuunfaa isaanii akka qaban yaadadhaa.
5) Tokkoon tokkoo gareewwanii kaardi isaan akka agarsiisanii fi qubee qabatan keessaa walbiira qabuun agrsiisaa akka walcina dhaabbatan gochuu (kan adda hin baafne yoo jiraate barsiisaan itti himuu danda'a)
6) Kaardota walitti makuun kanuma hanga daqiiqaa 15 - 20 irra deebi'uu ykn hanga ijoolleen fedhii hirmaachuu qabdutti itti fufaa.

**Gaaffilee marii**

- Tapha qubee adamsuu taphachiisuun daa'imman qubeewwan adda baafachuu danda'u isaanii gaafadhaa?

# Torbaan 17ffaa

## *Tapha 16: Boca Bakka Sirriitti Galchuu*

Paziloota gara garaa walqabsiisuun ***'tapha boca bakka sirritti galchuu***' taphachiisuun garaagarummaa iddoo fi hanga gidduu jiru akka hubatan shaakalsiisaa.

Tapha kana taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

1. Paziloota adda addaa fakkeenyaaf, kan adurree, saree, manaa fi k.k.f. qopheessuu
2. Paziloota walqabsiisuun agarsiisuu
3. Daa'imman akkaataa arganitti akka hojjatan gochuu









**Gaaffilee marii**

- Paziloota akkamii fa’a beektu?

# Torbaan 18ffaa

## *Tapha 17: Guuboo Walaloo*

Tapha ***‘Guuboo Walaloo’*** jedhu taphachiisuun qubeewwan beekaniin akka jecha ijaaran gargaaraa.

Tapha kana taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

1. Meeshaalee 6 –10 sassaabuun qopheessuun guuboo ykn saanduqa keessa kaa’uu
2. Daa’imman fuula dura barsiisaatti geengoon ykn tarree walitti aaneen teessisuu
3. ‘Amma tapaha ‘guuboo walaloo’ jedhu taphachuufi! guuboo naanna’uuf jirra. Jecha tokko yoon waamu, guuboo keessaa meeshaa jecha walaloon jalqabu fudhattu. Qixa jecha walalootiin meeshaan sagalee kana qabu tokko qofa ta’u isaa mirkaneeffadhaa. Guuboo keessaa bogaa fudhaa yoon jedhu isiin (daa’imman) gogaa fudhattu. Sababni isaa sagaleen kun waan walfakkaatufi. Jechoonnii walalichaa bogaa fi gogaadha. Jechi waamtan hiika qabaachuun dirqama akka hin taane yaadadhaa. Jechi gogaatti dhiyaatu/fakkaatu kamuu hiika qabaatuus, qabaachuu baatuus ta’uu danda’a.
4. Kaachoo gara daa’ima jalqabaatti dabarsaa.Sana booda jecha meeshaalee guuboo keessa jiran keessaa tokkotti dhiyaatu waamaa.
5. Daa’imman meeshaa jecha maqaa isin waamtaniin jalqabu akka fuudhata ngaafadhaa.
6. Sirriin yoo filate galateefadhaa. Meeshaa guuboo keessa jiru akka buusu godhaa. Itti aansuun gara daa’ima itti aanutti dabarsaa. Sirriin yoo hin filanne maqaa meeshichaa fi sagalee isaa dhageessisaa. Sagalee isin jettaniin akka walfakkaatu ibsaaf. Daa’imichi

jecha biraa akka filatu, maqaa meeshichaa fi sagalee isaa akka dhageessisu godhaa. Gocha kana daqiiqaa tokkoof ykn daa’imichi meeshicha sirriin hanga filatutti yaalaa.

7. Daa’imman meeshaalee jiran caalaa baay'atan yoo ta’e,  jecha walaloo haaraa (2$^{ffaa}$, 3$^{ffaa}$ fi  meeshichi yoo filatame ta'e) fayyadamaa.

**Gaaffilee marii**

- Taphicha irraa jechoota akkamii ijaaruu dandeessan? Jechoota kam ijaarutu isinitti ulfaate?

# Torbaan 19$^{ffaa}$

## *Tapha  18: Naannoo Keenya Haa Ijaarru*

Tapha ‘***Naannoo keenya haa ijaarru’*** jedhu taphachiisuun daa’imman naannoon maal akka ta’e akka hubatan gargaaraa.

Tapha kana taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

Daa’imman waliin waa’ee naannoo ijaaruu ilaalchisee wantoota jaalatanii fi dhimmoota fooyya’uu qaban irratti marii gaggeessuun tartiiba armaan gadii hordofuun akka taphatan gochuu.

1. Filiip chaartii qopheessuun daa’imman garee 5 – 6 tti qooduu ykn barsiisaan/tuun ala ba’uun iddoo biyyee qulqulluu filachuu. Iddoo sanattis ‘Naannoo moodeela’ ta’e ijaaruu.
2. Barsiisaan/tuun ‘Amma naannoo keenya ijaaruufi’ jechuun gareewwanitti himuu. Itti aansuun,  daa’imman wantoota naannoo isaanitti argaman (Fakkeenyaaf ,Mana barnootaa, hospitaala/mana yaalaa, daandii, biqiloota, belladoota, gabaa   …) akka adda baafatan taasisuu
3. Wantoota naannootti argaman (biyyee, dhoqqee, waraqaa, kollaa, jirbii, baala, qubeessa halluu, halluuwwaan adda addaa) daa’immaniif  keennuun naannoolee armaan oliitti ibsaman keessaa filannoo isaanitiin akka ijaaran gochuu.
4. Naannoolee waraqaa irratti hojjatan gidduu walirraa fageenyi jiraachuu isaa mirkaneessuu
5. Naannoo isaanii erga ijaaranii xumuran booda, waa’ee naannoo ijaarratan ilaalchisee daa’imman waliin marii taasiisuu.

**Gaaffilee marii**

- Taphicha keessaa kan jaalattan kami? Maaliif?
- Kanneen fooyya’uu qaban kam fa'a?

# Torbaan 20ffaa

## *Tapha 19: Namtolchee*

Tapha ***"Namtolchee"*** jedhu taphachiisuun waa'ee naannoo isaanii akka hubatan gargaaraa

1. Fakkii manaa, mana barnootaa, dhaabbata fayyaa fi meeshaalee tajaajila agarsiisan dhiyeessuun wantoota naannoo isaanii keessatti namtolchee ta'an akka beekan godhaa.
2. Itti aansuunis, kanneen namtolchee ta'anii fi kan uumamaa akka adda baasan qabsiisuudha.

**Gaaffilee marii**

- Wantoonni namtolchee ta'an maal fa'a?

# Torbaan 22ffaa

## *Tapha 20: Dacheen Maal Jette?*

Tapha ***'Dacheen maal jette'*** jedhu taphachisuun daa'imman barbaachisummaa kunuunsa naannoo akka hubatan gargaaraa.

Tapha kana taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa

1. Daa'imman geengoo hojjatanii lafarra  akka taa'an gochuu
2. Dacheen nyaata, bishaan fi k.k.f nuuf kenniti. Yoo kunuunsuu baannee garuu faayidaa kana hunda sirnaan nuuf hin kennitu jechuun ibsuu.
3. Dacheen afaan baastee osoo dubbachuu dandeessee maal kan jettu isinitti fakkaata? Mee tilmaamaa? Gaaffii jedhu dhiyeessun yaada isaanii akka ibsan gaafachuu. Fkn. maaloo! na kunuunsaa, balfa gatuun  na hin faalinaa/xureessinaa, bineelladootaa fi biqiloota na keessa jiran hin miidhinaa.
4. Daa'imman hunda geengoon ta'an dacheen dhala namaan maal jechuu akka dandeessuu fi akkamitti kunuunsuu akka qabnu gaafachuudha.

**Gaaffilee marii**

- Dacheetti maal akka dhagahamu ibsuu dandeessuu?
- Dacheen keenya akkamitti kunuunsuu akka qabnu maal nutti himti isinitti fakkaata?
- Naannoo keenya akkamitti kunuunsuu dandeenya?

# Torbaan 22ffaa

## ✋*Tapha 21: Qubeewwan Maqaa Koo Keessa Jiran*

Tapha ***'Qubeewwan maqaa koo keessa jiran'*** jedhu taphachiisuuf kaardii maqaa isaanii fi hiriyoonni isaanii qaban fayyadamuun qubeewwan maqaa isaanii fi hiriyoota isaani akka baratan deeggaraa.

1. Daa’imman hundaaf kaardii maqaa isaanii qabu waraqaa mummuramee fi qubeessaa kennaaf.
2. Maqaa isaanii of eeggannoon akka ilaalan gaafadhaa
3. Kaardii maqaa qubeewwan muraasa qabus kan qubeewwan baay’ee qabus daa’imman hundaaf kennuu. Fkn. Lataa (qubeewwaan muraasa), Luulleessaa (qubeewwaan baay'ee). Daa’imman hafan kaardii isaan qaban akka ilaalan gaafadhaa. Maqaa qubeewwanii shaakaluun qubeewwan maqaa isaanii waamu.
4. Itti aansuun, daa’imman maqaa isaanii qubee walfakkaatu yoo qabatan (tarii qubee jalqabaa, gidduu ykn dhumaa ta’u danda’a) gara barsiisaa akka dhufan gochuu. Qubee walfakkaate sana akka agarsiisan gargaaruu. Daa’imman biroo kana ilaaluu isaani mirkaneeffachuun barbaachisa.
5. Bifa kanaan daa’imman biroo waliin itti fufaa. Qubee maqaa daa’ima tokko bira jiru kanneen biroo keessa jiru ta’uu isaa gaafachuun itti fufuudha. Irra deebi’un daa’imman daree keessa jiran sirritti ilaaluu isaanii mirkaneeffachuu qabdu. Barsiisaan qubeewwaan gabatee gurraacha irratti barreessuun hubachisuu.
6. Dhuma irratti hundi isaanii maqaa isaanii waraqaa xiqqoo kennameef irratti akka barreessan gaafachuu. Yaalii isaaniif daa’imman galateeffachuu. Gocha kana daqiiqaa 15 – 20tiif gaggeessuu. Guyyaa biraa maqaa daa’imman birootiin irra deebi’uu.

**Gaaffilee marii**

- Qubeewwan maqaa isaanii keessa jiran gaafadhaa.

# Torbaan 23ffaa

## ✋*Tapha 22: Tapha Qubaa*

Qawwiisaa (qulfii/ azraarii) kootii ykn ziippii cufuu fi banuun quboota waliin riguun, sagalee dhageessiisuun ‘tapha qubaa’ akka taphatan gochuun qindoomina ijaa fi harkaa akka jajjabeeffatan gargaaraa. Tapha kanatti:

1. Uffatoota qawwiisaa (qulfii) fi zippii qaban qopheessaa

2. Uuffata qawwiisaa fi zippii qabu akkamitti banuun fi cufuun danda’amuu fi qubatti fayyadamuun akkamitti sagalee dhageessisuu akka danda’amu irra daddeebi’un itti agrsiisuu.
3. Daa’imman akkaatuma ilaalaniin uffata qawwiisaa fi zippii qabu akka cufuu fi banuun qubootattii fayyadamuun sagalee dhageessisuun danda’amu akka shaakalan taasisaa.

**Gaaffilee marii:**

- Isin keessaa quba isaatti fayyadamuun eenyutu sagalee cimaa dhageessise? Maaliif?
- Saffisaan qawwiisoota uffataa cufuu fi banuuf maal gochuu qabna?

# Torbaan 24ffaa

## *Tapha 23: Quba Koo Hordofaa*

Tapha ***‘quba koo hordofaa’*** jedhu taphachiisuun sochii mirgaa fi bitaa akka adda baasuu gabbifatan gargaaraa. Taphachiisuuf kanneen armaan gadii hordofuudha.


1. Daa’imman cimdii cimdiin (lama lamaan) qooduu
2. Lamaan keessaa inni tokko gahee qajeelchuu akka ba’atu gochun taphicha eegalsiisuu
3. Garee hunda keessaa inni tokko qajeelchaa waan ta’eef taphicha ni eegala
4. Qabxiilee armaan gadii ibsuun itti agarsiisuu
    - ❖ Inni qajeelchu jecha 'deemaa' jedhu yoo jedhu warreen fudhatan ykn agarsiisan tilmaamaan meetira walakkaa funyaan isaani harka mirgaa daa’ima qajeelchaa jiru bira gochuuf yaalu
    - ❖ Qajeelchitoonni harka isaani mirgaa oliif gad kaasuun harka isaani daree keessatti kallatti barbaadanitti sochoosuu
    - ❖ 'Dhaabaa' wayita jedhamu hordoftoonni hundi ga’ee jijjiiruun hiriyota harka mirgaa isaanitiin qajeelchuu
5. Garaagarumma daqiiqaa tokko ykn lama gidduutti ‘dhaqaa dhaabbadhaa’ jechuu
6. Yeroo hunda daa’imman wal ilaalaa jiraachu isaanii hordofuu.

**Gaaffilee Marii**

- Yeroo taphattan kaallattii garaagaraatti socho’uun harka hiriyyaa keessanii wayita hordoftan maaltu isinitti dhagahame?
- Kanaan dura gara bitaa, mirgaa fi bitaa-mirga, mirgaa gara bitaa socha’uun maal gootanii beektu?
- Dandeettii sochii bitaa fi mirga keessan cimsachuuf maal gootu?

## ✋*Tapha 24: Karaa Bahiinsaa Barbaaduu*

Fakkii armaan gadii daa'immaniif kennuun gara seensaatiin galuun karaa banaa ta'e qofaan darbuun gidduu ga'uu fi achiinis gara bahiinsaa akka ga'an gochuun dandeettii ilaaluun hubachuu akka gabbifatan gargaaraa. Kan dursee ga'e moo'ataa ta'a.




**Gaaffilee marii**

- Taphicha jaalattanii? Maaliif?
- Taphichi ni ulfaataa? Maaliif?

# Torbaan 25ffaa

## ✋*Tapha 25: Tapha Qubeewwan Walqabsiisuu*

Tapha '***qubeewwan walqabsiisuu'*** taphachiisuun daa'imman jechootaa fi himoota akka ijaaran tartiiba armaan gadii hordofuudha.

1. Daa'imman miseensota garee 5 – 7 qabutti qooduu

2. Waraqaa xixiqqaa qubeewwan hunda irratti barreeffame iddoo taphaa bakka mul’atuttii bittinsuu; yoo xiqqaate, daa’imni tokko qubee tokko argachuu qaba.
3. Gareen tokkoo tokkoo geengoo qubeewwanirraa  meetira shan fagaachuun sarara sirriin akka hiriiran gochuu

Kanneen armaan gadii hojjachuun agarsiisuu

   - Garee tokkoon tokkoo keessatti daa’imni jalqabaa qofa yoo dhaabbatu kanneen hafan isa duuba taa’uu qabu
   - Barsiisaan jalqabaa wayita jedhu daa’imman garee hundaa keessaa fuula dura dhaabbatan qubeewwan kaasuuf gara iddoo taphaattii fiigu.

4. Ammas, ‘itti fufaa’ wayita jedhamu daa’imman dhaabbatan haaraan dabaree isaanitiin fiiganii qubee akka fudhatan taasisuu
5. Miseensonni garee hundaa carraa taphachuu erga argatanii booda garee isaanitiin ta’uun qubewwan sassaabanitti gargaaramuun jechoota danda’an akka ijaaran taasisaa.
6. Gareen hunduu jechoota ijaaran akka ilaalan gochuu.

**Gaaffilee marii**

- Garee keessan keessatti jechoota maal fa’a ijaartan?
- Jechoota kanneen keessaa kan hin beekne jiraa? Isaan kam fa'a hin beekne?
- Jechoota kanatti fayyadamuun himoota akkamii ijaaruu dandeessu?

# Torbaan 26ffaa

## *Tapha 26: Maqaa Fuduraalee*

Tapha ***'maqaa fudraalee'*** jedhu taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofuudha.

1. Daa’imman garee 6 –10 ga’uun qooduu
2. Gara cinaatti harka isaanii lamaan diriirsuun osoo wal hin tuqsisin hanga dheerin harkaatti geengoo uumuun dhaabbachuu.
3. Tokkoon tokkoo daa’immaniif maqaa fudraa kennuufii. Fakkeenya, burtukaana, muuza, maangoo, paappayaa fi k.k.f.  Tokkoon tokkoo fudraalee  maqaa ijoollee hedduun moggaafamuu isaanii mirkaneessuu.
4. Baay’ina lakkoofsa fudraalee fayyadamtan kan murteessu baay’ina daa’imman tapharratti hirmaataniiti. Fakkeenya garee tokko keessatti daa’imman jaha kan taphatan yoo ta'ee, maqaa fudraalee lama moggaasuu/ramaduu. Garee keessatti daa’imman kudhan yoo jiraatan maqaa fudraalee sadi moggaasuu/ramaduu.
5. Garee hundaa keessaa daa’ima tokko filachuun geengoo gidduu keessa seenuun taphachisaa ta’a.

6. Daa’imman geengoon dhaabbataniif waraqaa mummurame, boronqii ykn maarkarii itti kennaa.
7. Daa’imman hundi geengoo ofii lafa irratti erga sararanii booda geengoo sararan keessa akka dhaabbatan gochuu.
8. Kanneen armaan gadii hojjachuun agarsiisuu
    - Taphachiisaan maqaalee fudraa dabaree dabareen ni waama. Daa’imman maqaa fudraalee waamamaniin moggaafaman geengoo keessaa ba’uun iddoo biraatti geengoo uumani dhaabbachuuf carraaqu.
    - Al tokkotti geengoo tokko keessa daa’ima tokko qofatu dhaabbata.

**Gaaffilee marii**

- Fudraalee waamaman keessaa kan jaalattan kami? Kan jibbitan hoo?
- Fudraalee kanneen nyaachuun faayidaa maal qaba?
- Faayidaa fudraalee kanneenii argachuuf maal gochuu qabna?

# Torbaan 28ffaa

## *Tapha 27: Hunduu Wixata Jaalata*

'***Hunduu Wixata Jaalata'*** tapha jedhu taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.

1. Faaru guyyoota torbaanii akkas jennee waliin faarsina jechuun daa’immanitti himuu.
2. Wixata Wixata hundu Wixata jaalata. Wixanni guyyaa jalqabaati.
3. Daa’imman faaruu sana barsiisaa isaanii waliin akka jechuu qaban itti himuu
4. Bifuma kanaan, guyyoota torbaanii hafan waamu ykn faaruun jechuudha.
   Kiibxata kiibxata hundu kiibxata ni jaalataa
   Kiibxanni guyyaa nama gammachisuu
   Kiibxanni guyyaa torbaanii lammaffaati
5. Guyyoota torbaanii hundaa bifa walfakkaatun akka faarsan gochu
6. Itti aansun, daa’imman hunduu geengoo uumuun akka dhaabbatan gochuu. Daa’ima tokko filuun kubbaa akka qabu gochuun guyyaan torbaan jalqabaa Wixata wayita jedhee waamu kanneen hafan akka faaruu guyyaa Wixataa faarsan gochuu.
7. Faaru akka xumuraniin daa’imni kubbaa qabate gara daa’ima barbaadetti kubbaa akka darbu gochuun daa’imni kubbaa qabate kiibxata yoo jedhu faaru guyyaa kiibxataa akka faarsan gochuu.
8. Haaluma kanaan daa’imman hunduu guyyoota torbaanii hanga guyyaa Dilbataattii akka faaruu faarsan taasisuu.

**Gaaffilee marii**

- Maqaan guyyoota torbaanii  eenyu fa'a?
- Guyyoota torbaanii keessaa inni jalqabaa maal jedhama?
- Guyyoota torbaanii keessaa inni dhumaa maal jedhama?

# Torbaan 30ffaa

## *Tapha  28: Taatotaa Bakka Bu'anii Taphachuu*

Sheekkoo oduu durii beektan filachuun taatota  sana bakka bu'uun akka hojjatan gochuu. Fakkeenya oduun durii waa'ee saree ykn adurree yoo ta'ee, akka saree ykn adurree ta'uun taphachuu jechuudha.

1. Oduuwwan durii armaan dura beekan akka yaadatanii fi isaan keessaa kanneen taatota bakka bu'uuf salphatu akka filatan gargaaraa
2. Oduu  durii filatame keessatti taatota bakka bu'anii taphatan ofiif  akka filatan gargaaruu
3. Taatota oduu durichaa wayita ta'anii taphatan haala itti hubatan sirnaan hubachuun wantoota fooyyessuu qaban akka yaadatan gargaaruu.

**Gaaffilee marii**

- Oduu duriichaa akkamitti ilaaltan/hubattan? Jaalattanii? Maaliif?
- Tapha kam irra caalaa jaalattan?

# Taphoota Dareen Alaa

## Seensa

Hunda caalaa daa`imman taphaan baratu. Kutaa kana keessatti taphoonni adda addaa hammatamanii jiru. Taphootni kunis yaad-rimee wayitii torbaanii sanaa keessaatti barattoota kan cimsan qofa osoo hinta`in mala ittiin barsiisan isa ijoodh. Akkasumas, kutaalee qaama isaanii gidduu qindoominni akka jiraatu, hawaasummaa, dagaagina miiraa fi sammuu isaanii cimsuuf kan gargaaraniidha.

Hunda dura bakki daa`imman itti taphatan gahaafi nageenya isaanitiif mijataa ta`uu qaba. Kanaan booda hanga danda`ametti daa`imman hundinuu hirmaattota taphichaa taasisuudha. Daa`imman qaama miidhamtoota ta`an yoo jiraatan, haala addaatiin hirmaattota taphichaa akka ta`uu danda'an itti gargaaraa. Daa`imman kunniinis qabxii qabuun, too`achuufi miira isaanitiin akka tapha keessatti hirmaatan gochun miseensota garee ta`uun isaani akka itti dhaga`amu hanga danda`ameetti waan barbaachisuu hundaan yaalii taasisaa.

Hidha kana keessatti gaaffilee marii fi yaadonni guduunfaa kennamanii jiru. Gaaffileen marii fi yaadoni guduunfaa kunniin ka`umsaaf kan kennaman waan ta`aniif haala qabatamaa isaatiin cimsanii itti fayyadamuu barbbaachisa.

# Torbaan 1FFAA

## 🔔*Tapha Lakk.1:Moggaasa qaama fuulaa*

Daa'imman akka boca walakkaa geengootiin dhaabbatan gochuun daa'imni tokko fuula dura dhaabbatee kutaawwan qaama fuulaa yeroo waamu daa'imman biroo kutaa qaama waamamee sana tuqu. (Fkn. Gurra, Ija, Funyaan, Ilkaan, Arraba fi kkf.) dha.

Daa'imni tapha sana gaggeessaa jiru gurra jedhee yoo funyaan tuqe daa'imman biroonis akkuma isaa yoo funyaan tuqan marsaa taphaa sana keessaa bahanii marsaa isa itti aanutti seenu. Hanga dhumaatti daa'imni utuu hin dogoggorin ture moo'ataa ta'a.

**Gaaffilee Marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal hubattan?
3. Tapha kan taphachuuf maal maal gochuu barbaachisa?
4. Kutaawwan qaama fuulaa kan ta'an maal maal fa'a?

**Guduunfaa**

- Maqaa kutaawwan qaama fuula sirritti adda baasuu fi ajaja dhaga'anii dalaguun barbaachisaadha.

## 🔔*Tapha Lakk.2:Tapha Beelladootaa*

Tapha**"*Tapha Beelladootaa*"** jedhu taphachiisuuf qabxiiwwan armaan gaditti eeraman duraa duubaa isaanii hordofuun daa'imman taphachiisaa.

1. Bakka tapha kanaaf mijatu barbaaduu.
2. Daa'imman ja'aan (6) ykn sanaa ol gochuun garee ijaaruu.
3. Beelladoota sadi (3) filachuu. (Fkn.Saree, Adurree, Waraabessa)
4. Daa'imman hundatti icciitidhaan (gurratti siquun ) maqaa beellada isaan qaqqabee itti himuu. Maqaan beelladootaa yeroo kennamu hanga danda'ametti akka walqixa ga'u gochuu.
5. Kan i tti aanee jiru agarsiisuu,ibsuu fi akka taphatan gochuu.
    - Daa'imman hunduu maqaa beellada isaan qaqqabee icciitiin qabachuu qabu

- Daa’imman akka ija dunuunfatan gochuu
- Daa’imman ija isaanii akka dunuunfatanitti suuta jedhanii naannoo taphni itti gaggeefamu keessatti sagalee beellada isaaniif kenname dhageessisuun akka socha’an gochuu.
- Daa'imman Sagalee beellada isaanif kennameen harkaan waltuquun walarguu.

Hubadhaa:-

- Daa’imman sagalee beelladaa qofatti fayyadamuun akka walargan godhaa.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi Akkam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal hubattan?
3. Yeroo taphattan sagalee beelladootaa attamitti adda baasuu dandeessan?
4. Sagalee beelladoota kanneenii amma dura dhagessanii beektuu?
5. Tapha kana taphachuuf maal maal gochuutu barbaachisa?

**Guduunfaa**

- Sagalee beelladootaa sirritti dhaggeeffachuun beellada tokko kan biroo irraa sagaleedhaan adda baasuun ni fayyada.

## Torbaan 2^FFAA

## 🔔Tapha Lakk.3: Qaamolee Nafa Namaa Tuquu

Tapha“***Qaamolee Nafa Namaa Tuquu***”jedhamu taphachiisuuf duraa duuba itti aanee jiru kana hordofaa.

1. Qaamolee nafaa mormaa ol jiran tuquun daa’imman gaafachuun akka isaan maaqalee qaamolee himan (waaman) gochuu. (Fkn. Funyaan, Afaan, Ija, Gurraa fi kkf.)
2. Daa’imman fedha isaanitiin gara fuula duraatti affeeruun kutaa qaama mormaa olii tuqanii maqaa qaama sanaa akka himan gochuu. Daa’imman biroos akka itti hirmaatanii fi irra deddeebi’anii taphicha akka hogganan gochuu.
3. Itti aansuun qaamolee nafaa mormaa ol jiran harkaan tuqanii agarsiisuun maqaa isaa daa’immanitti himuu.

4. Itti aansuun daa’imman hundinuu dhaabbatanii maqaa qaamilee nafaa waamuun akka tuqan gochuu. Daa’immn  adda baasanii sirritti tuquu hin dandeenye taphaan ala ta’anii taphicha ilaaluun marsaa itti aanutti akka keessatti hirmaatan gochuu.Daa’imni dhuma irratti tapha keessatti hafe moo’ataa ta’a.

**Gaaffilee Marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal hubattan?
3. Tapha kana taphachuuf maal maal gochuutu barbaachisa?

**Guduunfaa**

- Moggaasa (maqaa) qaamilee nafaa mormaa olii sirritti adda baasuu fi ajaja kennamu dhaga’anii gochaan agarsiisuun barbaachisaadha.

## *Tapha Lakk.4: Beelladoota Manaa Dhiyeessuu fi Fageessuu*

Tapha “***Beelladoota manaa dhiyeessuu fi fagessuu***” jedhu taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.

- Daa’imman  garee beelladoota adda addaatti qooduudhaan tapha beelladoota dhiyeessuu fi fageessuu jedhu taphanna jedhanii ibsuu.
- Daa’imman beelladoota beekan keessaa shan (5) akka filatan gochuu.(Fkn. Saree, Adurree, Hoolaa, Re’ee fi Sa’a)
- Maqaa beelladoota tarreeffaman keessaa tokko waamuun daa’imni tokko sagalee beellada sanaa akka dhageessisu gochuu. Daa’imman sagalee beellada dhiheessu waamuun dheessuu  fi sagalee ari'uu dhageessisuun  akka ari'an gochuu. (Fkn. Adurree waamuuf Hurii Hurii Hurii jechuu, hari’uuf ammoo Bisi Bisi Bisi jechuu )
- Itti aansuun daa’imman maqaa beelada filataniin garee akka uumanii fi sagalee waamuu yeroo dhaga’an akka dhiyaatanii fi sagalee fageessuu immoo, yeroo dhaga’an akka fagaatan gochuun taphachiisuu.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi akkam ture?

2. Beelladoota biroo beektan keessaa sagalee dhiyeessuu fi fageessuf (ari'uuf) gargaaru kan nu dhageessisu eenyu?

**Guduunfaa**

- Beelladoota sagalee ittiin ofitti dhiyeessanii fi ofirraa fageessanitti fayyadamuun dhiyeessuu fi fageessuun ni danda’ama.

## 🔔*Tapha Lkk.5: Lakkoofsotaan Garee uumuu*

Tapha “***Lakkoofsaan Garee Uumuu***” jedhu taphachiisuuf tartiiba itti aanee jiru hordofaa.

- Tapha lakkoofsotaan garee uumuu jedhu akka taphatan daa’immaniif ibsuu.
- Daa’imman hunduu akka geengoo uumanii dhaabbatan gochuu.
- Daa'imman hundinuu akkam jirta? akkam jirta? waliin jechaa geengoon akka naanna’an gochuu.
- Lakkoofsa 1-9 keessaa tokko waamuun daa’imman lakkoofsa waamameen harka wala qabachuun ariitiidhaan akka garee uuman gochuu.
- Daa’imman battala sanatti garee keessa galuu hin dandeenye taphaan ala ta’u. Haata’u malee daa’imman taphaana la ta’an kunniin marsaa itti aanutti deebi’anii tapha keessa galu.
- Haaluma walfakkaatuun lakkofsa kan biraa waamuun garee akka uuman gochuu.
- Tapha kana irra deddeebi’anii akka taphatan gochuu.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal hubattan?
3. Tapha kana moo’achuuf maal maal gochuu barbaachisa?

**Guduunfaa**

- Lakkoofsaa 1-9 jiran adda baafachuu, ajaja dhaggeeffachuun ariitiidhaan hojjachuun barbaachisaadha.

# Torbaan 3^FFAA

## 🔔*Tapha Lakk.6: Hiriyyaan koo garam jira?*

Tapha “***Hiriyyaan Koo Garam Jira?*** ” jedhu taphachiisuuf duraa duuba itti aananii jiran hordofaa.

- Taphni “hiriyyaan koo garam jira” jedhu akka taphatan daa’immaniif ibsuu.
- Daa’imman hundumtuu geengodhaan akka dhaabbatan gochuu.
- Tokkoon tokkoon daa’immaniitiif maqaa beelladoota daa’imman beekan icciitiidhaan gurratti itti himuu. Erga maqaa beelladaa itti himame akka hin daganne daa’imman hubachiisuu.
- Daa’imman hundi isaanii sagalee beellada itti himamee dhageessisu
- Itti aansuudhaan tokkoon tokkoon daa’immanii hiriyyaa isaanii sagalee beelladaa walfakkaatu barbaadanii argatu.
- Haaluma kanaan daa’imman hunduu hiriyyoota isaanii barbaachuun garee beelladoota walfakkaatanii akka ijaaran gochuu.
- Dhuma irratti daa’imman gareedhaan ta’uun sagalee beellada bakka bu’anii waliin akka dhageessisan gochuu.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal hubattan?
3. Tapha kana taphachuuf maal maal gootan?

**Guduunfaa**

- Beelladoota sagalee isaan dhageessisaniin adda baasuu, ajaja kenname sirriitti hojirra oolchuun barbaachisaadha.

## Torbaan 4FFAA

## 🔔Tapha lakk.7: Magariisa Magariisa

Daa'imman hundi geengoodhaan akka dhaabbatan gochuun tapha"***Magariisa Magariisa"***jedhu taphachiisuu. Haalli itti taphatanis kan ta'uu qabu; barsiisaan/tuun magariisa magariisa yeroo jedhu/ttu daa'imman hiriiraan geengoodhuma sana qabatanii fiigu, yeroo barsiisaan/tuun *keelloo* jedhu/ttu ni taa'u, yeroo inni/isheen *diimaa* jedh/ttu ni dhaabbatu. Daa'imman seera olitti ibsaman hin raawwanne taphaan ala ta'u. Taphichi haaluma kanaan itti fufa.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Magariisa magariisa yeroo jedhamu maaltu godhama?
3. Tapha kanarraa maal hubattan?
4. Tapha kana taphachuuf maal maal gootan?
5. Faayidaan ajaja eeguu maal isinitti fakkaata?

**Guduunfaa**

- Waanta tokko haala barbaachisaa ta'een xumuruuf qajeelfama hordofuun barbaachisaadha.

# Torbaan 5FFAA

## 🔔*Tapha Lakk.8: Obseen akka jette*

Tapha "***Obseen Akka Jette***" jedhu taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.

1. "Obseen akka jette" kan jedhu tapha gammachiisaa tokko taphachuuf jirra jechuu.
2. Daa'imman hunduu arguu fi dhaga'uu akka danda'aniif boca walakkaa geengootiin akka dhaabbatan gochuu.
3. Tapha kana keessatti "Obseen akka jette" jedhamee wanta daa'imman gochuu qaban yeroo itti himamu qofa raawwachuu (gochuu ) qabu. Utuu obseen hin jedhin waan tokkooyyuu gochuu hin qaban. Daa'imman ajaja kenname kabajanii hin hojjanne taphaan ala ta'u.

Fkn.1. Obseen akka jette funyaan keessan qabadhaa yeroo jedhamu daa'imman utuu wal hin ilaalin funyaan isaanii qabatu.

Fkn. 2. Obseen akka jette utuu hin jedhin yoo ija keessan qabadhaa jedhame Obseen ajaja kana waan hin kennineef daa'imman ija isaanii qabachuu hin qaban. Warri ija isaanii qabatan tapha keessaa ba'anii taa'u.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Daa'imni tapha kana moo'ate waan maal godheef moo'ate laata?
3. Tapha kanarraa maal hubattan?
4. Tapha kana moo'achuuf maal maal barbaachisa?

**Guduunfaa**

- Ajaja dhaga'anii hojjachuun barbaachisaa fi faayidaa qabeessa.

# Torbaan 6FFAA

***Tapha "Sochii adda addaa"***

Daa'imman sochii adda addaa hojjachiisuuf duraa duuba armaan gadii hordofaa.

1. Daa'imman garee 3-6tti qooduu.
2. Dirree fiixee lamaaniitiin mallattoo sararaa ka'umsaa fi xumuraa gochuu.
3. Daa'imman garee hunda irraa dirree tokko irraa gara fiixee biraatti haala adda addaatiin akka socho'an taasisaa. (tarkaanfiin, utaaluun, fiiguun fi k. k. f. )
4. Yeroo sochii tarkaanfii fiixee tokko irraa hanga isa lammaffaatti tarkaanfii isaanii akka lakkaa'an gochuu.
5. Daa'imman tapha walabaa ykn sochii filatan gareenis ta'e dhuunfaan akka hojjatan jajjabeessaa.

Gaaffilee marii

1. Taphichi akkam ture?
2. Tapha kana irraa maal hubattan?
3. Fiixeewwan lamaan gidduu tarkaanfiin yeroo sochoonu maaliif lakkaa'uu barbaachise?

Guduunfaa

- Sochii adda addaa hojjachuun jabina, si'aayinaa fi dadacha'uu dadaagsuuf barbaachisaadha.

# Torbaan 7^FFAA

## 🔔*Tapha lakk.9: Bineensota fakkeessanii taphachuu*

Tapha "***Bineensota Fakkeessanii Taphachuu***" jedhu taphachiisuuf fakkeenya raacha armaan gadii hordofuun barsiisuu (taphachiisuu).

***Tapha Raachaa***

- Maalummaa raachaa fi haala adeemsa ishee daa'immaniin walbarsiisuu.
- Haala raachi itti adeemtu fakkeessanii akka daa'imman waliin taphatan gochuu.
- Gareewwan miseensa shan shan qabuun fageenya murtaa'e keessatti akkaataa raachi itti deemtutti akka isaan waldorgoman gochuu.
- Daa'imni dursee galee moo'ataa dorgommichaa ta'a.
- Akkaataa bineensonni biroonis itti adeeman jijjiiruun taphachiisuu.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi attam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal hubattan?
3. Tapha kana moo'uuf maal maal gochuu barbaachisa?


**Guduunfaa**

- Taphoota adda addaa taphachuun jabinaa fi si'aayina dagaagsuun barbaachisaadha.

## Torbaan 8FFAA

### *Tapha Lakk.10: Shekkeloo / Si'oloo*

- Daa’imman daree keessaa alatti baasuun garee gareen ta’anii akka taphataniif lafa irratti bocaawwan gaditti mul’atu akka hojjatan gargaaraa.
- Daa’imni tokko taphicha jalqabuuf marsaa duraa irratti dhakaa baxxee (xiqqoo ishee) fuula duraa jalqabee saanduqa keessatti darbachuu. Saanduqa dhakaa battee keessa buuse irra utaaluun utuu irra hin ijjatin hanga fiixeetti ba’uu.
- Marsaa lammaffaa irratti fuula duratti darbachuu dogongora tokko malee kan xumure marsaa itti aanutti gara duubaatti darbachuu fi hanga fiixeetti deemuu danda’uudha.
- Marsaa lamaan kana dogongora tokko malee kan xumure moo’ataa ta’a.
- Daa’imni sararaa irra ijjatee fi dhakaa baxxee sana yeroo darbatu saanduqa yaadame irra dabarse moo’amaa ta’ee, daa’imni biroo akka jalqabu godhama.



**Gaaffilee marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal barattan?
3. Tapha kana moo’achuuf maal maal barbaachisa?

**Guduunfaa**

- Taphoota adda addaa taphachuun jabina qaamaatiif si’aayina dagaagsuun barbaachisaadha.

## Torbaan 9^FFAA

## 🔔Tapha Lakk.11: Kubbaa gangalchuu

Tapha "***Kubbaa gangalchuu***" jedhu taphachiisuuf qabxiiwwan armaan gadiitti duraa duubaan taa'an hordofaa.

1. Dirree taphni kun irratti gaggeeffamu fiixee tokkoon mallattoo sararaa jalqabbii godhaa. Fiixee biraatin (faallaan) mallattoo sararaa xumuraa godhaa.
2. Garee 3-6 ta'utti daa'imman qoqqooduu.
3. Gareewwan hundinuu sararaa qajeeloo hojjachuun sararaa kana booda akka dhaabbatan itti himuu.
4. Tokkoon tokkoon gareewwaniitiif ulee (shimala) tokkoo fi kubbaa tokko kennuufii.
5. Daa'imman hundinuu carraa kubbaa fi uleetti(shimalatti) fayyadamuu akka qaban itti himuu.
6. Kaayyoon taphichaa ulee (shimala) fayyadamuun kubbaa lafarra gangalchaa sararaa xumuraatiin ga'anii deebi'uu ta'uu isaa ibsuun hojiidhaan agarsiisaa.Uleen(shimalaan) kubbaan yeroo rukutamu humnaan akka hin taane daa'imman gorsaa. Daa'imni itti aanee tapha kana jalqabuu daa'imni inni jalqabaa kubbaa sararaa ka'umsaatti erga deebisee fide booda akka ta'e beekamuu qaba.
7. Taphichi kan xumuramu daa'imman hunduu carraa taphachuu erga argatanii booda.

**Gaaffilee marii**

1. Taphichi akkam ture?
2. Tapha kana moo'achuuf maal maal gochuutu barbaachisa?
3. Taphni kun cimaa moo salphaa ture?
4. Qaamni keenya jabaa ta'uun maalif nu gargaara?
5. Qaama jabaa qabaachuuf maal maal gochuu qabna?

**Guduunfaa**

- Taphoota garaagaraa taphachuun jabina qaamaa fi si'aayina dagaagfachuun barbaachisaadha.

## 🔔Tapha Lakk.12: Kubbaa Arbaa

Tapha "***Kubbaa Arbaa***" jedhu taphachiisuuf duraa duuba itti aananii jiran hordofaa.

1. Daa'imman garee miseensota 6-10 qabutti qoqqoodaa.
2. Gareen hundinuu akka geengoo ijaaranii dhaabbatan itti himaa. miseensonni garee hundaa miila isaanii diriirsuu fi hiriyyoota isaanii kallatti bitaa fi mirgaa jiran waliin akka miila isaanii walitti maxxansan itti himuu. Kaayyoon isaas gidduu isaanii akka kubbaan hin dabarre ta'u itti himaa.
3. Daa'immaan hunduu garee keessa jiran keessatti harka isaanii fuula duratti diriirsanii kumbii arbaa akka fakkeessan itti himaa.
4. Geengoo hunda keessa kubbaa ka'aa.
5. Kan itti aanee jiru daa'immaniif ibsuun hojiidhaan itti agarsiisaa.
6. Galmi (kaayyoon) tapha kanaas kubbaan luka daa'imman biro jala akka dabartuu gochuu fi luka mataa ofii jala akka hin dabarre dhorkuu ta'a
7. Daa'immni kamiiyyuu miila isaa bakka dhaabbatee sochoosuun yoo hin hayyamamne harka waljala dabarsee kumbii arbaa fakkeessuun kubbaan luka isaa gidduu akka hindabarre dhorkuu waan danda'uuf bakka dhaabbate qofaatti ta'uu isaa mirkaneeffadhaa.
8. Daa'imman kubbaan luka isaanii giddu darbe harka tokko qofaatti fayyadamuu akka danda'an ifa godhaaf.
9. Daa'imman si'a lammaffaaf kubbaan luka gidduu darbe fuula isaanii gara duubaatti deebisanii geengoon ala ilaalaa taphachuu akka danda'an ibsaa.
10. Daa'imman kubbaan si'a lamaa oli luka gidduu darbeef tapha haaraa uumaa.

**Gaaffilee marii**

1. Taphaa kana keessaa kutaan baay'ee baayee rakkisaa ta'e isa kami?
2. Yeroo kubbaan luka keessan gidduu dabarte miira maaltu isinitti dhaga'me?
3. Kubbaan akka luka keessan gidduu hin dabarreef maal gochuu qabdu?

**Guduunfaa**

- Taphoota adda addaa taphachuun jabina qaamaa fi si'aayina dagaagfachuun barbaachisaadha.

# Torbaan 10^FFAA

## *Tapha Lakk.13: Hogganaa kee hordofi*

Tapha "***Hogganaa Kee Hordofi***" jedhu taphachiisuuf duraa duuba itti aananii jiran hordofaa.

- Daa'imman geengoo hojjatanii akka dhaabbatan gochuu.
- Daa'imni keessaa tokko filatamee hoggonaa ta'uun sochii qaamaa adda addaa akka hojjachiisu gochuu. (Fkn. Oli, Gadi, Olii-gadi, Keessa, Ala, Fuula duraan, Duubaan fi k.k.f.)
- Daa'imman warri kaan isa ilaaluun yeroo walfakkaatu keessatti wanta ajajaman akka hojjatan gochuu.
- Bu'uura ajaja kennameen jechoota adda baafachuu dadhaban, kanneen dogongoran tapha keessaa bahu.
- Irra deddeebi'uun tapha kana taphachiisuun jechoota kallattii fi taa'umsaa akka isaan baran gargaaraa.

**Gaaffileei marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Tapha kanarraa maal hubattan?
3. Tapha kana moo'uuf maal maal gochuutu barbaachisa?

**Guduunfaa**

- Jechoota kallattii fi taa'umsaa akka beekaniif cuunfaa kennuu. (Fkn. oli, gadi, olii gadi, keessa, ala, fuulduraa, duubaa fi k.k.f.)

# Torbaan 12FFAA

## *Tapha Lakk.14: Kallattiiwwan*

Tapha "***Kallattiiwwan***" jedhu taphachiisuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.

1. Daa'imman dirree taphaa keessatti bakkaa kan mataa mataa isaanii qopheeffachuun fuula isaanii gara barsiisaatti deebisanii akka dhaabbatan gochuu.
2. Daa'imman kallattiiwwan kanatti aananii jiran himuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf gaaffii gaafadhaa. kallattiiwwan kunniinis bitaa, mirga, gara fuula duraa fi gara boodati.
3. Kanatti aanee kan jiru ibsuun hojjatanii agarsiisu.
    - Daa'immaniif kallattiin kennameefii bu'uura kallattii kennameefiin adeemu. (Fkn. gara bitaatti deemi, gara fuula duraatti deemii fi kkf. )
4. Kallattiiwwan kana erga sirritti shaakalanii baranii booda sochiiwwan kan biraa akka hojjatan godhaa. Fkn. gara bitaatti utaali, gara mirgaatti quruphisi, gara duubatti naanna'i, gara fuula duraatti daa'imi.

**Gaaffilee marii**

1. Tapha kana keessatti kallattii isinitti himame salphaatti beekuuf maal gootan?
2. Manni keessan mana barumsaa irraa kallattii kamiin akka argamu himuu dandeessuu?
3. Kallattiiwwan beekuun maalif barbaachisa?

**Guduunfaa**

- Kallattiiwwan beekuun bakka ka'umsaa fi ga'umsaa beekuuf gargaara.

## Torbaan 13^FFAA

## 🔔Tapha Lakk.15:Madaala eeganii taphachuu

Tapha "***Madaala Eeganii Taphachuu***" jedhu taphachiisuuf qabxiiwwan tartiiba armaan gadiitti tarreeffaman hordofaa taphachiisaa.

1. Sararaa ka'umsaa ifatti mul'atu sararuu.
2. Garee 3-6tti jirutti daa'imma qoqqooduu.
3. Daa'imman sararaa ka'umsaa duubaa irraa akka hiriiran gochuu.
4. Fuula dura tokkoon tokkoon gareewwanii fageenya meetira 5-10 irratti meeshaa rog-sadee ta'e kaa'uu.
5. Saanqaa ittiin taphatan (raakkeettii) fi kubbaa garee hundaaf kennuu.
6. Qabxiiwwan arman gadii ibsa kennaa hojjatani agarsiisuu.
    - Carraa madaala eeganii saanqaa ittiin taphatanirra kubbaa ka'anii deeman kennuufii.
    - Tokkoon tokkoon daa'immanii kubbaa saanqaa ittiin taphatanirra ka'anii saanqaa sana madaala isaa eeguun suuta jedhanii akka deeman gochuu.
    - Madaala kubbaa eeguuf saanqaa kubbaan irra jirtu harka lamaan qabuu.
    - Garee hunda irraa daa'imni fuuldura jiru/jirtumeeshaan rogsadee bakka jirutti deemee/tee naanna'uun gara sararaa ka'umsaatti akka deebi'u/tu gochuu.
    - Daa'imni saanqaa baxxee kanarraa kubbaan jalaa kufe si'a tokko carraan kennameefi akka taphichi itti fufu godhama. Al tokko kubbaa saanqaa ittiin taphatanirra taa'e utuu lafa hin buusin daa'imni deebi'ee sararaa ka'umsaabira ga'e /geesse daa'ima itti aanee/tee jiru/tu tti dabarsa/siti.
7. Daa'imman hunduu yoo xiqqaate, carraa tokko erga argate/tte booda taphichi ni xumurama.

**Gaaffilee marii**

1. Madaala kubbaa eeganii ijaajjuun ykn deemuun ni cimaa? Maaliif?
2. Gochaawwan kan biraa madaala eeguun gaggeeffaman maal maal fa'atu jira?

3. Madaala eeganii deemuun maalif fayyada.

**Guduunfaa**

- Kutaawwan qaamaa bitaa fi mirgaa waliin qindeessuun itti fayyadamuun madaala eeganii hojjachuuf barbaachisaadha.

## ✍*Tapha Lakk.16:Guuboowwan gurmaa'aa*

Tapha "***Guuboowwan gurmaa'aa***" jedhu taphachiisuuf qabxiiwwan duraa duubaan itti aananii jiran hordofuun barsiisaa.

1. Daa'imman garee 3-6tti qoqqooduun sararaa ka'umsaa dubarraan akka hiriiran gochuu.
2. Tokkoo tokkoo gareetiif guuboowwan duwwaa afur (4) fi waantoota adda addaatiin kan guutame guuboo biraa tokko (1) kennaafi. Sararaa ka'umsaa irraa fageenya meetira digdama(20) irratti guuboowwan kaa'uu.
3. Ibsa booda kan kanatti aanee jiru hojjadhaa agarsiisaa.
    - Garee hunda irraa daa'imni jalqabarra jiru gara guuboowwaniitti fiiga.
    - Yeroo guuboowwan sana bira ga'u guuboo waantoota adda adda baatu keessaa meeshaalee baasee gara guuboo biraatti gosa gosa /bifa bifa isaaniitiin itti naqa. Muduraawwan hunda guuboo tokkatti galchuu, qubeessaa hunda guuboo biraatti naquu ta'a. Hojiin kunis ariitiin gaggeeffama.
    - Hojicha sirriitti raawwachuun isaa erga barsiisadhaan mirkanaa'ee booda daa'imtichi /daa'imtittiin waantoota hundumaa gara guuboo duraan keessa turetti garagalchee/tee sararaa ka'umsaatti fiigichaan deebi'a/ti.
    - Daa'imaa isa toora irra dhaabbatee eeggatu harka isaa tuqa. daa'imni harki isaa tuqames dabaree isaa fiigichaan deemee wantoota ykn meeshaawwan sana haaluma daa'imni inni jalqabaa hojjattee, gurmeessee raawwachuun gara garee isaatti /isheetti deebi'a/deebiti.
4. Taphichi kan xumuramu miseensonni garee hundaa sochii kana xumuranii gara toora isaanitti yoo deebi'an qofa.

**Hubadhaa**:-daa'imman meeshaalee adda addaa guuboo isa tokko keessaa fuudhanii gosa gosa isaanitiin adda baasuun guuboowwan adda addaa keessatti ariitiidhaan naquu akka danda'an godhaa.

**Gaaffilee marii**

1. Meeshaaleen ariitidhaan gosaan adda baasuu fi gurmeessuun salphaaadha moo ni cimaadha? Maaliif?
2. Meeshaalee barnootaaf itti fayyadamtan attamitti adda baastanii ka'aa turtan?
3. Gara fuul duraatti meeshaalee mana barnootaa keessatti argaman ariitiin adda baastanii ka'uuf maal gootu?

**Guduunfaa**

- Wantoota adda addaa amala isaaniitiin adda baasanii kaa'uun yeroo barbaadamu salphaatti argachuuf nu gargaara.

# Torbaan 14<sup>FFAA</sup>

## *Tapha Lakk.17: Tapha Halluu*

Tapha kana tartiiba armaan gadii hordofuun tapachiisaa.

1. Daa`imman garee 3-6tti qoodaa.
2. Tokkoon tokkoon garee hiriiran ta`uun fuula isaanii gara wiirtuu dirreetti naannessanii akka dhaabbatan taasisaa.
3. Daa`imman jalqaba hiriira irra jiraniif moggaasa halluu haala kanaan kennaafii.
   Isa jalqabaatiif diimaa, isa lammaffaatiif cuquliisa,isa sadaffatiif keelloo, isa arfaffaaf magariisa,isa shanaffaaf dimbiyyoo, isa ja`affaatiif siddisa kennaafii.
4. Geengoo gidduu kubbaa xiqqoo kaa`aa.
5. Kanneen armaan gadii irratti ibsa kennuudhaan gochaan agarsiisaa.

Halluuwwan adda addaa waamaaf.Fkn. Daa`imman halluun isaanii diimaan waamame hanga garee isaanii isa duraatti deebi`anitti naannoo geengootti bitaa irraa gara mirgaatti ni fiigu. Yeroo diimaan fiigu, daa`imman biroo tokkoon tokkoon garee keessaa lama lamaan mataa isaanii olitti harkaan walqabuun daandii gara geengoo gidduu geessutti riqicha ni hojjatu.

Daa`imni fiigu riqicha ijaarame jala darbuun kubbaa geengoo gidduu taa`e tuquu qaba. Dursee kan kubbaa tuqe qabxii ni argata.Taphni kan xumuramu gareen tokko qabxii barbaadamu irra yeroo ga`uudha.Kunis kan murtaa`u barsiisadhaan ta`a. Fkn.Qabxii 10 ta`u ni danda`a.

**Gaaffilee marii**

1. Yeroo taphaa qaama keessaan gara kallatttii adda addaatti jijijjiiraa yeroo sosochootan wanti isinitti ulfaate maal fa`a?
2. Kanaan dura gara kallattii adda addaatti sosocho`aa maal maal hojjatanii beektu?
3. Qaama keessan gara kallattii adda addaatti sosochoosuuf maal gochuu qabdu?

**Guduunfaa**

- Kutaalee qaama keenyaa bitaa mirgaa qindeessanii fayyadamuun madaala eeganii hojjachuuf fayyada.

# Torbaan 15^FFAA

## *Tapha Lakk.18: Tapha Qufaa/ Utaalloo*

1. Dirree bal'aa asiif achi fiiganii taphachuuf mijataa ta`e filadhu.
2. Daa`immanitti daangaa tapha wal ari`uu itti himaa.
3. Utaalloon kan isaan qabe fakkeessanii taphachuu kan danda`an daa`imman 1-2 fedhiidhaan filadhaa.
4. Kan armaan gadii ibsaa gochaan itti agarsiisaa.

   - Daa`imni utaalloon qabe daa`imman biroo ari'ee qabuuf yaala. Daa`imman biroo hanga danda`an fiigudhaan daa`ima utaalloon qabe harkaa ba`uuf carraaquu qabu.
   - Daa`immanitti kubbaa agarsiisudhaan qoricha akka bakka bu`u ibsaaf.
   - Yeroo daa`imni utaalloon qabe isaan tuqu kubbaa qabatanii kan jiran yoo ta`an, utaalloodhaan hin qabaman. Kana jechuun qorichan namni dhukubaan akka hin qabamne ni ittisa jechuudha.

- Kubbaa daa`ima birootiif osoo hin dabarsin of harka tursiisuu kan danda`an yoo baay'ate sekondii 5 (shan) qofaafi. Taphataan tokko kubbaa osoo hin qabatin yoo xuqame, garee utaalloodhaan qabameen walitti makamee daa`imman biroo ari'ee qabuuf yaala.

5. Daa`ima utaalloon qabame fakkaatee taphachuu kan danda`u biroo filachudhaan taphicha irra deebi`anii taphachisuun ni danda`ama.

**Gaaffilee Marii**

1. Tapha kana keessatti utalloodhaan akka hin qabmne maal gootan?
2. Qoricha fudhattanii beektuu? Maaliif fudhattan?
3. Gara fuul duraatti dhukuboota adda addaatiin akka hin qabamne maal gootu?

**Guduunfaa**

- Qorichan dhukuboota adda addaa ni fayyisa.

# Torbaan 16^FFAA

## *Tapha Lakk.19: Harka waljijjiruun kubbaa walitti kennuu*

Tapha kana akka taphatan gochuun qindoomina fi saffisa gateettii bitaa fi mirgaa akka gonfatan gargaaraa.

Daa`imman ja`a ja`a ta`uun garee uummatu. Tokkoon tokkoon garee geengoo hojjachuun daa`imni tokko gidduu dhaabatee/ttee maqaa isaanii waamaa kubbaa kenna/ti.Daa`imni maqaan isaa waamame kubbaa fudhate/tte deebisee kenna/itti. Daa`imni kubbaan harkaa kufe taphaan ala ta`a. Haala kanaan daa`imni dhuma irratti hafe moo`ataa ta`a.

**Gaaffilee marii**

1. Tapha kanatti gammaddanii? Maaliif?
2. Tapha kana irraa maal fa`a hubattan?
3. Tapha kana taphachudhaan kutaalee qaama keenyaa kam faatu jabina argata?

**Guduunfaa**

- Gochaalee adda addaa harka keenya fayyadamuun dalaguun jabina harkaatiif barbaachisaadha.

# Torbaan 17^FFAA

## *Taphaa Lakk. 20:Eegee Buqqisuu*

Tapha kana taphachiisuudhaan kutaaleen qaama daa`immanii akka jabaatu taassisuu.

**Tartiiba taphaa**

1. Daangaa naannoo taphaa bal`aa irratti mallattoo kaa`uu.
2. Tokkoo tokkoo daa`imaaf huccuu ciqilee harkaa irratti hidhamu kennaatii kiisii duubaa keessa huccuun harki caalaa gara alaatti akka hafu taassisuun (akka eegee fakkaatuf) akka galchan itti himaa.
3. Huccuun eegee isaanii akka ta`e itti himaa.
4. Kan armaan gadii irratti ibsa kennuun gochaan agarsiisaa.

   Kaayyoon taphichaa eegee hanga danda`ame daai`mman biroo irraa buqqisuuf yaaluudha. Daai`mman eegeen isaanii akka irraa hin buqqaane carraaquu qabu. Eegee isaanii daai`mman biroo yeroo irraa buqqisuuf yaalan eegee isaanii harkaan qabuufi harka daa`immanii dhahuun dhorkaadha.

   Daa`imni tokko eegeen isaa yoo irraa fudhatame, eegee kan biraa irraa buqqiseen bakka buufachuu ni danda`a.
5. Gareen eegee isaa jalaa buqqa'ee dhumemo`atamaa ta`a.

**Gaaffilee Marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Eegee buqqisuu fi eegee ofii eeguu yeroo tokkoon akkamitti raawwachuun danda`ama?
3. Qaamni keessan akka jabaatu maal fa`a raawwattanii beektuu?
4. Gara fuula duraatti jaboo akka taatan maal gochuu qabdu?

**Guduunfaa**

Daa`imman kutaaleen qaama isaanii akka jabaatu sochii qaamaa adda addaa taassisuu ykn taphoota taphachuun faayidaa ni qaba.

## 🔔Tapha Lakk.21:Utaalloo Qabsiisuu

Tapha "***Utaalloo Qabsiisuu***" jedhu taphachiisuun miira utaalloo akka ibsan taasisaa.

**Tartiiba taphaa:**

1. Daa`imman garee 6-8 tti qooduun gareen hundi geengoon akka dhaabbatan taassisuu.
2. Daai`mman mallattoolee utaalloo akka himan gaafachuu.Fkn.Haxxifachuu, qoonqoon madaa`uu, qufa`uu, mataa bowwoo,dadhabuu k.k.f
3. Daa`imman tokkoon tokkoon mallattoo utaalloo akka fudhatan taasisuun mallattoo fudhatan ga`ee taphachuun akka agarsiisan taasisaa.
4. Tokkoon tokkoon garee keessaa daa`ima tokko fedhiidhaan filachuun kubbaa kennuu
5. Itti aansuun tartiiba armaan gadii ibsuun gochaan agarsiisaa.

   Kubbaan "Utaalloo" bakka bu`a. Daa`imni tokko kubbaa ol darbachuudhaan mallattoo utaalloo fudhatee sana waama. Kubbaan akkuma ol darbatameen daa'ima mallatticha waameen ala daa`imman biroo hundi isaanii dirree irra faffaca`uun kubbaa darbatamee ariitiidhaan isaan keessaa tokko akka qabatau ta'a.

   Daa`imni kubbaa erga qabatee booda "**dhaabbadhu"** jedha. Daai`mman hundi bakka jiranitti ni dhaabbatu. Daai`mni utaalloon isa qabe daa`ima isa dhiyootti jiru suuta jedhee kubbaadhaan rukutuuf yaala. Taphattootni kubbichaan kan rukutaman gateetti gadi qofa ta'uu qaba. Daa`imni kubbaa darbatee yoo rukutuu danda'ee daa`imni rukutame qubee jalqabaa jecha utaalloo jedhu "U" kan argatu ta'ee, qubee itti aanu akka waamu ta`a. Haat`au malee daa`imni kubbaa darbatee yoo rukutuu hindandeenye qubee "U"fudhata.

   Tokkoon tokkoo daa`imaa tapha kana taphachuun jecha qubeewwan "utaalloo" jedhu uumame waamuu iraa of qusachuuf carraaqqii taassisu. Inni darbate itti aanee mallattoo kan waamu ta`a.

**Gaffiilee marii**

1. Mallattooleen utaalloo maal fa`a?
2. Kanaan dura namni tokko utaalloon qabamuu isaa akkamitti beektu?
3. Dhukkuba utaalloo dhukuboota biroo irraa maaliin adda baafattu?

**Guduunfaa**

- Mallattoolee dhukkubootaa adda addaa yookiin madaawwan adda addaa hubachiisuun guduunfuu.

# Torbaan 20 FFAA

## *Tapha Lakk.22: Wantoota Duraa duubaan kaa'uu*

Boca harkaaf miilaa cirracha irratti duraa duuba wanta tokko hojjachiisuudhaan meeshaalee seeraan kaa`uu akka shaakalan tartiiba armaan gadii hordofuun taphachiisaa.

1. Cirracha qopheessuu
2. Cirracha irratti boca harkaafi miila waldura duubaan hojjatanii agarsiisuu. Fkn. harka,miila,harka,miila.
3. Agarsiisa hojjattan keessaa isa dhumaatti aanee kan dhufuu maal akka ta`e gaafadhaa.
4. Haala ilaalaniin walduraa duubaan daa`imman hundi tartiiba kana hordofuun paatarnii akka hojjatan taasisaa.
5. Haala walfakkaatuun duraa duuba wantoota naannoo irraa argaman irraa akka hojjatan taasisaa.

**Gaaffiilee Marii**

1. Taphni akkam ture?
2. Gosti duraa duuba hojjattan maali?
3. Duraa duuba hojjattan itti gammaddanii jirtuu? Maaliif?

**Guduunfaa**

- Wantooa seraan kaa`uun wantoota kanneen haala salphaan argachuuf kan gargaruu fi dandeettii kalaquu cimsachuuf kan fayyadu ta'u addeessuun guduunfaa.

# Torbaan 21 FFAA

## 🖉*Tapha Lakk.23: Shantee (Konca) Taphachuu*

Tapha kana taphachiisuun daa'imman dandeettii qindoomina ijaa fi harkaa akka dagaagfatan taasisaa.Tapha kana taphachiisuuf adeemsa armaan gadii kana hordofaa.

**Adeemsa taphichi itti gaggeeffamu**

Taphichi marsaa sadiin kan taphatamuu yoo ta'uu, barsisaan/tuun daa’imman kana dareen alatti cimdiin cimdiin teessisuun saddeeqa shan shan kennuun taphachisa/ti. Daa’imni tokko carraadhaan taphicha akka eegalu haa ta'u.

1. Marsaa 1ffaa: Saddeeqa shanan keessaa tokko ol darbachuun harka ittiin ol darbatan sanaan saddeeqa afran dabaree dabareedhaan saffisaan kaasuun saddeeqa ol darbame osoo lafa hin gahiin qolobachuudha. Saddeeqonni afran osoo hin kaafamiin saddeeqni ol darbatame yoo lafatti kufee taphataan mo’atamaa ta’ee, taphataan lammaffaa akka jalqabu taasifama. Taphatichi saddeeqa tokko ol darbaatee dabaree dabareedhaan hunda isaanii lafaa kaasuu yoo danda’e mo’ataa ta’ee, gara tapha marsaa lammaffaatti dabra.
2. Marsaa 2ffaa: Marsaa kanaan akkuma duraaniitti saddeeqa tokko ol darbachuun lafatti osoo hin kufiin saddeeqa lama lama yeroo tokkotti kaasuun taphachuudha.Taphataan kana gochuu yoo danda’ee, gara marsaa sadaffaatti dabra. Saddeeqni ol darbamte yoo lafatti kufe yookiin saddeeqota lamaan lafaa kaasuu yoo dadhabe moo’atamaa ta’ee taphataan itti aanu kan taphatu ta’a.
3. Marsaa 3ffaa: Marsaa kanattis saddeeqni tokko ol darbatamee osoo lafatti hin kufiin saddeeqota afran yeroo tokkotti kaasuun taphachuudha.Taphataan tokko mo’ataa kan ta’uu marsaalee sadan walitti fufiinsaan osoo addaan hin kutiin sirriitti yoo raawwateedha.

## 🖉*Tapha Lakk.24: Miidhaa ittisuu*

Tapha “***Miidhaa Ittisuu***” jedhu taphachisudhaan daa`imman taphoota adda addaa yeroo taphatan balaa isaan mudachuu danda`u irraa akkamiin ofirraa ittisuu akka danda`an taphachisuun ibsaaf.

1. Tilmaamaan meetira 15 kan walirraa fagaatan sararota lama lafa irratti qopheefadhaa.
2. Saraara tokko bakka ka`umsaa isa tokko bakka ga`umsaa jechuun moggaasaa.

3. Daai`mman gareewwan 4-6 tti qoodaa.
4. Tokkoon tokkoon garee saraara ka`umsaan booda akka hiiiran taassisaa.
5. Kanneen armaan gadii ibsaaf.
    - Bakki saraara lamaan gidduu jiru laga naachaan guutameedha.
    - Kaayyoon garee hundaatuu bishaan osoo hin tuqin laga cee`udha.
    - Tooftaan laga ittiin ce'uu danda'amu waraqaa ciccitaa fi baala irra ejjechuu qofaan ta`a.
    - Miseensota garee keessaa tokko illee yoo bishaan tuqe, hundi isaanii gara boodaatti deebi`uun jalqaba lagaa irraa akka haaraatti jalqabu.
6. Gareewwan lamaa yeroo tokko (walfaana) taphicha akka jalqaban taasisuu.
7. Taphicha dursee kan xumure moo`ataa ta`a.

**Gaaffilee Marii**

1. Taphichi akkam ture? Maaliif?
2. Taphicha irraa maal hubattan?
3. Tapha kana taphachuuf maal fa`a raawwattan?
4. Miidhaa irraa of ittisuuf (eeguuf) yeroo hunda of eeggannoo akkamii taassisuu qabdu?

**Guduunfaa**

- Laga yeroo ceenu, daandii konkolaataa yeroo qaxxaamurru, yeroo taphanu miidhaan akka nurra hin geenye of eeggannoo taassisuu qabna.

# Torbaan 23FFAA

## *Tapha Lakk.25: Daandii Gadhiisuu*

**Tartiiba taphaa**

1. Daa`imman hundaaf boronqii xixiqqaa kennaatii lafa irratti saraara akka saraaran taassisaa (saraarri tokkoo saraara dabaa ykn jajallaa haa ta`u).
2. Kanneen armaan gadii ibsaafii.

- Saraarri saraarame daandii lafoo/ miilaa bakka bu`a.
- Kanneen biroo lafa jiran hundi daandii konkolaataa bakka bu`u.

3. Daa`imman 1-5 ta'an fedhiidhaan daandii konkolaataa irratti akka taphatan ykn konkolaata akka oofan (fakkeessan) gaafadhaa.

4. Daa`imman hundi isaanii daandii lafoo/ miilaa irra bakka ofii filatan akka dhaabbatan taasisaa.
5. Daa`ima daandii lafoo irra jiru tokkoof kubbaa kennaafii.Taphicha haala qabatamaa fakkeessuuf akka ta`e daai`mmanitti himaa. Daaa`imman taphicha kan taphatan kubbaa walitti kennuun ta`a. Taphicha taphachaa kan turan daandii miilaa irratti ta`a.
6. Kanneen armaan gadii ibsaa gochaan itti agarsiisaa.
    - Kaayyoon taphichaa daai`mman hundi daandii lafoo tokko irraa gara daandii miilaa birootti sosocho'aa itti fufan.
    - Kubbaa hanga danda`an darbachuu fi qabuu akka danda`an yaalii taassisuu qabu.
    - Yeroo taphatan konkolataan akka isaan hin tuqne of eeggannoo taassisuu qabu. Haala walfakkaatuun yeroo daa`imman daandii irra fiigan konkolataan isaan tuquuf yaala.
7. Daa`imni yeroo konkolataan tuqamu konkolataa fi daa`imni gocha waljijjiiru.
8. Taphicha daqiiqaa 5-15 taphachisuudhaan giddu gidduun kubbaa fi konkolataa dabalataa fedhi ijoolleetiin dabaluun taphicha irra caalaa walxaxaa tassisuun ni danda`ama.

**Gaaffilee Marii**

1.Yeroo konkolataan sitti bu`u maaltu sitti dhaga`ame?

2. Daandii miilaa fayyadamuun faayidaan isaa maal?

3. Hiriyyaa kee waliin yeroo taphattu balaa konkolataa irraa akkamiin of eegdan?

**Guduunfaa**

Daandii konkolataa irratti taphachuun balaaf nama saaxila.Kanaafuu, daai`mman seera tiraafikaa kabajuu qabu.

## *Tapha Lakk.26: Wantoota Naannoo Faalan*

**Tartiiba taphaa**

1. Wantoota naannoo faalan jechuun maal jechuu akka ta`e daa`imman gaafadhaa.
2. Wantoota naannoo faalan jechuun namoonni kosii adda addaa bakka kuusaa kosii keessatti gatuu mannaa bakka arganitti kan gatan ta`u ibsaafii.
3. Tapha kana keessatti daa`imman 1-3 ta`an fedhiidhaan namoota kosii naannoo faalan bakka adda addaatti gatan bakka bu`anii akka taphatan taasisaa.
4. Daa`imman hafan garee miseensota 5-6 qaban keessatti qoodaa.

5. Tokkoon tokkoon fiixee dirree taphaa iratti garee hundaaf baaldii bishaanii tokko tokko kaa`uun tokkoon tokkoon garee baaldii duuba akka hiriiran taassisaa.
6. Daa`imman hundaafuu wantoota naannoo faalanii fi feestaalii kosiin guutame tokko tokko kennaafii.
7. Kanneen armaan gadii ibsuun gochaan agarsiisaa:
   - Daa`imni tokko  wantoota naannoo faalan dirree taphaa keessaa naanna'aa  gata.
   - Daa`imman biroo kosii hanga danda`an funaanuun deebisanii baaldii isaanii keessatti kuusuu qabu.Yeroo tokkotti feestaalii kosii tokko qofa qabuu qabu.
   - Taphni kan xumuramu kosiin hundi funaanamee yeroo baaldii keessatti kuufameedha.

**Gaaffilee Marii**

- Kosii bakka argitanitti yeroo  gattan maaltu isinitti dhaga`ama?
- Naannoo keenyatti kosii bakka adda addaatti gatame funaanuun (walitti-qabuun) maal fayyada?
- Naannoo keenya kunuunsuu fi qulqullinaan eeguuf tokkoo tokkoo keenya irraa maaltu eegama?

**Guduunfa**

- Kosii/balfa bakka adda addaatti gatuun naannoo keenya ni faala. Kanaafuu, naannoo keenya qulqullinaan qabuun barbaachisaadha.

# Torbaan 24FFAA

## 🕭*Tapha Lakk.27: Ibsaa Magariisa, Keelloo fi Diimaa*

**Tartiiba taphaa**

1. Dirree taphaa irratti daai`mman bakka ofii isaanii akka qabatan taasisaa.
2. Tartiiba armaan gadii hordofuun gochaan agarsiisaa:
   - Ibsaa diimaa, ibsaa keelloo ykn ibsaa magariisa jechuun waami.
   - Diimaa jechuun dhaabbadhu, keelloo jechuun suutaan bakka dhaabbatanitti sosocho`uu, magariisa jechuun deemi jechuu ta`uu ibsuun biskileetii ykn konkolataa keessa akka jiran fakkeessanii dirree irra bilisaan akka sosocho`an (sussukan) taassisuu. Daa`imman akka walitti hin buune eessa akka deeman gaafadhu.

- Ibsaan itti aanu hanga ajajamutti daa`imman sochiiwwan sochii jalqabaa (socho'uu), dhaabbachuu fi bakkuma jiranitti madaala isaanii akka eeggatan taasisaa.

3. Yeroo muraasaaf ibsaa adda addaa waamuun taphicha akka taphatan shaakalsiisaa.

**Gaaffilee Marii**

1. Ibsaawwan yeroo waamaman rakkoon battalaan sosocho`uu, suuta suutaan socho'uu fi dhaabbachuun isin qunnamee? Maaliif?
2. Kanaan dura ibsaawwan kana beektuu? Eessatti?
3. Gara fuuladuraatti ibsaawwan kana balaa irraa of ittisuuf akkamiin itti fayyadamuu dandeenya?

**Guduunfaa**

- Balaa konkolaataa irraa of eeguuf mallattoowwan ibsaa kabajuun barbaachisaadha.

## *Tapha Lakk. 28: Tapha Hiibboo*

‘Tapha hiibboo’ akka armaan gadiitti taphachiisaa:

1. Hiibboo jechuun maal akka ta’ee daa’mmaniif ibsaa.
2. Daa’imman lama lamaan ta’anii hiibboo akka taphatan taasisaa.
3. Daa’imman hundinuu sirritti tapha kana keessatti hirmaachaa jiraachuu isaanii hordofuu.
4. Dhuma irratti daa’imman sochii barbaadan fedha isaanii irratti hundaa’uun akka taphatan gochuu.

**Gaaffilee Marii**

1. Taphni kun akkam ture? maaliif?
2. Tapha kana irraa maal hubattan?

**Guduunfaa**

- Sochii qaamaa fi sammuu keessatti hirmaachuun dagaagina qaamaa fi sammuuf barbaachisaadha.

# Torbaan 28[FFAA]

## 🔔*Tapha Lakk.29: Qoricha Argachuu/ Yaalamuu*

Tapha kana taphachiisuun daa`imman rakkoon yeroo isaan qunnamu dandeettii dhibee ofirraa ittisuu  akka gabbifatan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofuun taphachiisaa;

1. Daa`imman garee miseensota 6-10 qabutti qoodaa.
2. Gareen hundinuu haala geengootiin akka taa`an taassisaa.
3. Garee hunda keessaa taatoo akka doktaraa ta`ee taphachuu danda`u (dandeessu) fedhiidhan filadhaa.
4. Daa`imman doktora ta`aniif kubbaa kennaa.
5. Daa`imman mallattoolee dhukuba barbaadanii akka ibsan taassisuu. Fkn.Kan busaa, utaalloo/qufaa fi  k.k.f.
6. Gochaalee armaan gadii ibsuun gochaan agarsiisaa.
    - Kubbaan qoricha baka bu`a.
    - Daa`imman hafan nama akka dhukubaan qabame ta`anii taphatu.
    - Daa`imman dhukubaan qabaman ni jilbiiffatu.
    - Inni doktora ta`e bitaa irraa gara mirgaatti qoricha (kubbaa) daa`imman hundaaf darbata.
    - Daa`imni qoricha qabate ni dhaabbata.
    - Qoricha (kubbaa) kan qabachuu hin dandeenye jilbaan adeema.Kanneen bitaa fi mirga kubbaa jiran ni jilbeeffatu.

**Gaaffilee marii**

1. Yeroo taphattan kubbaan isin harkaa kufnaan maaltu isinitti dhagaa`ame?
2. Kanaan dura dhukubsattanii beektuu? Fayyuuf maal gootan?
3. Miidhaan tokko isin irra ga`ee hatattamaan qoricha yoo hin arganne maal taatu?

**Guduunfaa**

- Dhukubni kamuu yeroo isin qabu yeroon waldhaanamuu fi qoricha isiniif ajajame seeraan fudhachuun barbaachisaadha.

# Torbaan 29FFAA

## *Tapha Lakk.30: Qulqullina Walitti Fufiinsa Qabu*

Tapha kana taphachiisuun waa`ee ququllina dhuunfaa akka hubatan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofuun taphachiisaa:

1. Boronqii ykn maarkarii fayyadamuun saraara ka`umsaaf ta'u saraaraa.
2. Daa`imman garee afurii hanga jahaatti qoodaa.
3. Daa`imman sarara jalqabaa booda akka hiriiran taassisaa.
4. Fuula dura garee hundaatti fageenya meetira 5-10 ga`u lafa irratti iddoo buufata qulqullinaa afur bakka bu`uu danda`an haala (fakkii) amartii fakkaatuun kaasuu.
5. Fakkii meshaalee qulqullinaaf oolan agarsiisan qopheessaa.
6. Daa`imman hundi maqaa meshaalee qulqullinaa kanneen akka himanii fi ibsan gochuu.Fkn. Kun rigaa ilkaaniti ,ilkaan qulqulleessuun qulqullina ilkaanii eegsisuuf tajaajila.
7. Tokkoon tokkoo amartii keessatti fakkii meeshaa qulqullinaa tokko kaa`uu.
8. Itti aansuun kan armaan gadii hojjachuun agarsiisuu.
    - Maqaan meeshaa qulqullinaa tokko yeroo dha`amu (waamamu) garee hunda keessaa daa`imni tokko gara meeshaan tajaajila sanaaf oolu jirutti akka fiigu himuu. Fkn. Harka dhiqachuu yeroo jedhamu, gara saamunaan jirutti fiigu.
    - Gara amartiitti ykn isa lafa irratti saraarametti akka gayaniin miila tokko galchuun sekondii shaniif harka isaanii kan dhiqatan, ilkaan isaanii kan rigatan fakkeessuu.
    - Kanaan booda iddoo garee isaaniitti deebi`uun hiriiruun gocha itti aanuuf dabaree eeggatu.
9. Gochaalee qulqullinaa gocha keessatti raawwataman.
    - ✓ Ilkaan rigachuu
    - ✓ Rifeensa filachuu
    - ✓ Qaama dhiqachuu
    - ✓ Qeensa qorachuu/murachuu
    - ✓ Harka dhiqachuu

**Gaaffilee marii**

- Gochaaleen qulqullinaa yeroo hunda raawwataman maal fa`a?
- Gochaalee qulqullinaa armaan olii yeroo hunda raawwachuun maal fayyada?
- Ilkaan keessan guyyaa meeqa meeqan qulqulleessitu?
- Harka keessan yeroo kam dhiqattu? Maaliif?

**Guduunfaa**

- Qulqullina dhuunfaa eeguun fayyaaf barbaachisaadha.

# Torbaan 32<sup>FFAA</sup>

## 🖎*Tapha Lakk.31: Gochoota Guyyaa Ayyaanaa*

Gochoota guyyaa ayyaanaa raawwataman barbaachisummaa isaanii taphaan fakkeessanii akka taphatan taassisuun gochoota yeroo keessa dhufan akka adda baasan taassisuu.

1. Uffata guyyoota ayyaanaa uffataman, sirboota aadaa fi faaruuwwan qopheessuu.
2. Gochoota guyyaa ayyaanaa mannenn isanii keessatti hojjataman hiriyoota daree isaaniitti akka himanii fi akka mari`atan taassisuu.
3. Garee daai`mman 5-6 qabu hundeessuu.
4. Tokkoon tokkoon garee ayyaana tokko filachuun gochoota guyyaa ayyaanaa raawwataman fakkeessuun akka taphatan taassisaa.